BAAFATA

06 HAWWII ‘GINBOOT 7’ ODPTIIN KARAA QABATE!

10 “JIJJIIRAMNI KUN HUMNA SIRNA DURII BARBAADANITTI ONNEE HORE.”
Piroofesser Baqqalaa Guutamaa

12 BINEENSA LEENJISUU: GABAA GURRAACHA IFATTI FUDHACHUU FI SHARAFA GAR-LAMEETTI GARGAARAMUU!
Ayyalee Galaan (PHD)

18 GAAFFIIN DHALOOTAA HUMNAANIS MURNAANIS DEEBII HIN ARGATU!
Abdii Fiixee

20 AFGAAFFII ADDAA DHIMMA FILANNOO ILAALCHISEE OBBO JAWAAR MUHAAMMAD WALIIN

Jaalalli Biyyaa, Jaalala Sabaarraa Eegala.

Namni akka ofiisaa jaalatu, eenyummaafi wantoota eenyummaasaa ibsan jaallachuusaatu ibsa. Kan of jaallatetu maatiisaa jaallata. Of jaallachuu jechuun doqnummaa miti. Of jaallachuun of ta'uudha. Kan of jibbee nama biraa jaallatu tarii namummaa ofiitti yoo alagoome qofa. Namummaan nama keessa akkuma jiru, namatu maatii ta'a. maatiin ofii ammoo gosa; gosnis saba. Egaa saba ofii jaallachuu jechuun of jaallachuu jechuudha. Waan sabni ofii barbaadu ta'anii ormatti mullachuutu of nama taasisa. Kunis sabboonummaadha.

Namoonni tokko tokko miidityaalee garagararratti yeroo sabboonummaa xiqqeessan, arrabsaniifi dheekaman akka waan sabboonummaan burrusa keenyan biyyummaa diigu ta'etti yeroo haasa'an ni dhageenya. Sun garuu ilaalcha dogoggoraati. Namni saba ofii jaallatee ittiin boonu, safartuu jaalala biyyasaatiiti. Yoo saba ofii hin jaallatin biyya jaalachuun abjuudha. Sababnisaas, sabatu waamama duraati. Biyya bor baddu yookaan diigamtu, biyya namni akka isaaf ta'utti bocate, hojii saxaxa Waaqaatiin qixxeessuun ulfaataadha. Saba balleessanii yookaan dhiisanii biyya ijaaruun hin yaadamu. Sabatu biyya; biyyatu baattuu sabootaati. Kan saba ofii jaallatutu biyya ofiis jaallata. Hiikumti biyya jaallachuus yoo saba ofii jaallatan mul'ata.

Haaluma kanaan wal qabatee, akki ijaarsaafi yaadama biyyi Itiyoophiyaa danqaa hamaa, deemsaafi guddina dhowwu ta'ee biyyattii kaninni gad deebisaa jiruufis, utuu saba giddu hin galeeffatin biyya ijaaruu yaaduuf xaaruu isaaniiti. Rakkoon yaada kanaas, fottoquu Eertiraatii hanga sabaan gurmaa'uu eegaluu saboota biyyattii itti fiduuf sababa ta'e. Ergasii asis sabummaan guddatee daraareera. Daraarees, ija godhatee sanyii ta'ee biqileera. Sabummaan wal kabajuufi waliin jiraachuu aadaa godhates dagaaginarra jira.

Haa ta'u malee yaadnifi akeekni mootummaan amma qabatee jiru kun ammaaf ifa ta'uu baatus, balaa duraan biyyattii qaqqabe ammas dabalinnaa yaaddoo jedhu uumaa jira. Sabummaa moggaatti dhiisanii biyyummaa leellisuu qofti tarsiimoo mootummaa PP ta'uuf waan adeemu fakkaata. Kun ammoo akka nama surree jilbatti gad butee deemuu ta'a. Utuu hin fagaatin kufuu yookaan ammoo dheeressanii tarkaanfachuu dadhabuutu itti aanee dhufa.

Kanaaf balaa hamaa keessatti utuu hin kufin, miilli biyyaa mucucaatee utuu qilee hin seenin, miirri sabootaa wal kabajuu dhabee utuu gara olaantummaafi gad aantummaatti hin lixin, hirreen mootummaa geengoo federaalizimii saba giddu galeeffatuutti deebisu uummata keessaa ka'uun dirqama waamicha hin barbaannedha.

Dubbisa gaarii!

Barruu Gullallee Post
Dhaabbata Beeksisaafi Maxxansaa Gadaa Gullallee
BAKKI ARGAMA
Kutaa qopheessaa, Magaalaa Finfinnee,
Qiirqos Ganda 1ffaa, Lak. Manaa 199/2/2-6
Daandii gara Atilaasitti geessurraan, Gamoo Inshuraansii Awwaash irra
Lak.Bil.0115577965
e.mail. gulale.post2019@gmail.com

Qopheessaa Olaanaa:
Lalisaa Indiris Adam
Teessoo, Finfinnee Gullallee 03

Qopheessaan:
Qaasim Amaanoo
Maarkeetiingiifi Beeksisa
Solomoon Alamaayyoo
Bilb.0911430584

Hirmaattota
Baqqalaa Guutamaa(Proof)
Yooseef Hambaa(K.PHD)
Dassaaleny Alamaayyoo
Abdii Fiixee
Toleeraa Fiqiruu
Dagaagaa Guddataa
Abboomaa Margaa
Tuujii Ibirahim
Irranaa Gammachuu
Ayyalee Galaan(PHD)
Kanaa'ol Badhaadhaa

Cover & Layout Design
Daraaraa T. Ayyaanaa

Bakka Maxxansaa
Kutaa B/M Araadaa
Aanaa 10
Lak.Manaa 066/A
0911223335
0911223335/0911420506

Jildii 1ffaa, Lak.6 Muddee 2012

Awwal Qaasim Alloo



Paartiin Badhaadhinaa Dr. Abiyyi maalif Uummata Itiyoophiyaaf Oduu Rifachiisa ta'e?

Barreeffama kana Dr. Awwal Qaasim Alloo barreessuudhaan toora marsariitii Aljeziraarratti maxxansanii turan. Dr. Awwal barsiisaa Yuunvarsiitii Keelee biyya Ingilaand keessatti argamtuu yeroo ta'an, dhimmoota siyaasa Itiyoopiyaafi gaanfa Afirikaarratti barreeffamoota garaagaraa barreessuudhaan beekamu. Dabalataanis badhaasa noobelaa badhaafamuu Dr.Abiyyi Ahimadiif hayyoota yaalii milkaa'inaa hedduu taasisuudhaan waraqaa heertuu barreessaa turan keessaa Dr.Awwal isaan tokko. Barreeffamni kunis kan afaan Ingiliiziitiin barreeffame yeroo ta'u, dhimma walitti baquu ADWUI ilaalchisee yaaddoofi carraa jiru kan ibsudha. Qaasim Amaanootu gara Afaan Oromootti hiike.

Paartiin haarofti Itiyoophiyaa guddittii durii ADWUI balleessuun uumame, biyyattii rakkoo keessaa ba'uu hin dandeenyetti geessaa jira. Ji'a darbe keessa paartilee ADWUI afur /4/ kan saba bakka bu'anii turan keessaa sadeen isaanii diigamuudhaan gara paartii guddaa walii galaa tokko kan paartii badhaadhummaa jedhamu hundeessuuf waliif galanii turan. Haalli kun yeroo filannoon dhufaa jiru, ce'umsa biyyattiin gara diimokiraasiitti gootu ni milkaa'aafi hin milkaa'usaa yeroo eegamaa jirutti kan ta'eedha.

Bu'urri ADWUI warraaksa Maarkist Leenist yommuu ta'u, erga bara 1991 angoo qabatee jalqabee, garee siyaasa tokkoon biyya bulchaa ture. Paartilee afur kan angoon isaanii wal qixa hin taaneefi saboota gurguddoo bakka bu'an irraa ADWUI'n kan ijaaramedhas. Kunniinis TPLF, OPDO, ANDMfi SEPDM walitti dhufuudhaan mootummaa kanneen ta'anidha. Paartilee kana keessaa warri sadeen uummata ittiin gowwomsuuf jecha kan tolfamanidha. Kunis akka waan paartii ADWUI jalatti fedhiin saboota hundaatuu eegame fakkeessuuf jecha itti yaadamee kan ijaarame ture.

Ka'umsa ADWUI fedhii saboota cunqurfamoo eegsisuuf waan dhaabbate of fakkeessus, saboota biroo burjaajessee olaantummaa TPLFtiin bara meetii tokkoof yookaan ammoo waggoota soddomatti dhihaataniif ummata ukkaamsee bulchaa ture. Dr. Abiyyi Ahimad erga bitootessa 20/18 gara angootti dhufee kaasee, maqaa xuraa'aa paartichaafi hojiisaa fooyyessuuf yaale ture. Haaromsa Abiyyi gubbaarraa jijjiiruuf yaale kun, paartii waggoota hedduuf miidhaa geessisaa ture kana uummata biratti akka fudhatama argachuu gochuu hin dandeenye. Rakkoon kun ulfaataa akka ta'e hubachuudhaan Abiyyi tarkaanfii ajaa'ibaa irri keessisaa bareedaa fakkaatu tokko fudhate. Innis paartilee arfan diiguudhaan paartii tokko kan Itiyoopiyaa qofa bakka bu'u ijaare. Paartileen sadeen miira sodaan wal makeen kan murteessan yeroo ta'u, TPLF ammoo kun gocha seeraan alaati jechuun mormee makamuu dide.

Paartileen sadeeniifi kanneen biroo kan akka ESPDP paartii sabummaa bakka bu'e diiguun miseensa paartii badhaadhummaa ta'uuf murteessan. Paartiin badhaadhummaa miseensa sabummaa bakka bu'u waan hin qabneef, Paartii tokkocha kan ummata itoophiyaa hunda bakka bu`utu hundaa`e jechuudha.

Paartii ADWUI diiganii paartii Badhaadhummaa ni ijaarra yoo jedhamu Itoophiyaa rakkoo bittinnaa`uu keessa galte waan tokkoomsu fakkaata. Xiinxalamee yommuu ilaalamu garuu, heera kan giddu-gala hin godhanne; faalasama amansiisaa hin taane kan hordofee fi qooda fudhannaan bakka bu`oota siyaasa biyyattiitiif qabu gaaffii guddaa keessa kan gale ta`uu isaati. Sirni federeeshinii sab-daneessaa bara 1994 akka hundaa`u kan ta`eef, waan ADWUI`n barbaadeef osoo hin taane, sababa saboonni garagaraa dhiibbaa siyaasaatiin miidhaan irra gaheef,

dararaa fi cunqursaan sabummaa keessattuu bara 1960`moota keessa waan itti cimeef ture. Akeekni qabsoon ittiin deemamaa tures eenyummaa fi sabboonummaa bu`uura kan godhate ta`uu isaatirraa kan ka`eedha. Hundeeffamni paartii Baadhaadhummaa kunis yeroo gaaffiin sabummaa cimee deemaa jirutti; saboonni ofiin of bulchuuf qabsoo gaggeessanii fi gaaffiin haqummaa furmaata dhabe keessatti ta`uun isaa rakkoolee hedduuf bu`uura ta`a.

Miira addaa uumuudhaan mormii biroofis karaa bane

Paartileen tokko tokko yoo badanis haala siyaasa isaanii irratti dhiibbaa guddaa geessisuu dhabuu mala. Garuu paartiin ADWUI kun kan salphatti ilaalamuu miti. Dhuma bara 1980`mootaa irraa kaasee karoorri TPLF naannoo Tigraay bulchuu qofa osoo hin taane, biyyattii guutumatti dhuunfachuudhaan paartilee of danda`anii socho`an hunda dhabamsiisuudhaaf kan karoorfameedha.

Waggoota soddomaan dura Paartiin kun aangorra turuuf jecha gareedhaan ummata qoqqoodee walitti bu`iinsa uumaa ture. Gochi siyaasa dabaa kun immoo paartileen biroo walii galanii humna cimaa horachuun akka hin ijaaramne taasisee jira. Yommuu kana raawwatan ofii isaaniitii qofa akka paartitti itti fufuudhaan rakkoolee waggoota hedduuf turanis isaanumti qofti furuu akka danda`anitti of ilaalaa turan. Kanaafuu murteen Abiyyii kun ummata Itoophiyaa fi garee olaantummaa qabaataa ture gidduutii yaada garagaraa uumee jira.
Paartiin guuddichi `Itoophiyummaa` erga ADWUI`n daaraa ta`ee booda tolfame kun tokkummaa durii nuuf deebisuudhaaf seenaa haaromsuu keessatti tarkaanfii isa jalqabaati jedhanii amanu deeggartootni yaadichaa. Paartileen siyaasaa



Paartileen siyaasaa paartii haaraa kana deeggaranis, Warra Itoophiyaa guddittii durii leellisanii fi sirni federeeshiinii sabummaa Ittoophiyaarratti rakkoo guddaa uumeera jedhanii kanneen yaadaniidha.

paartii haaraa kana deeggaranis, Warra Itoophiyaa guddittii durii leellisanii fi sirni federeeshiinii sabummaa Ittoophiyaarratti rakkoo guddaa uumeera jedhanii kanneen yaadaniidha. Deeggarsi isaanii kun immoo sababa quubsaa irratti kan hundaa`e osoo hin taane, ``tokkummaa`` kan jedhu duwwaadha. Osoo gaaffiin sabummaa kallattii hundaan ka`u, tokkummaan humnaan jaarraa tokkoo oliif yaalamaa ture, deebi`ee yoo karoorfamu rakkoo akkamii akka hordofsiisus tilmaamuu dhabuun jaraa ni mul'ata.

Gareen Federeeshiinii ykn Konfidereeshiinitti amanan immoo, paartiin haaraan kun sirna mootummaa` tokkummaawaa/ Centralized` duriitti nu deebisa jechuun balaaleffatu. Sabboontonni eenyummaa ofii barbaadanis, paartiin saba bakka bu`ee mootummaa giddu-galeessaa keessattis hirmaatuu qaba jedhu. Dhugaan lafa jiru yommuu ilaalamu, ummanni magaalaa Finfinneetiin ala jiru kamiiyyuu, afaan, aadaa fi eenyummaan isaa kabajameefii, siyaasaa fi diinagdee ofii dhiibbaa tokko malee gaggeeffachuu barbaada. Mirgi ofiin of bulchuus isaaniif kabajamee, qaama Itoophiyaas ta`anii sirna federaaliziimiitiin buluu barbaadu. Paartiin Badhaadhummaa kun caasaa waggoota soddoma dura diriire diiguun kabajaa fi mirga ofiin of bulchuu nurraa mulqa jedhanii sodaatu.

Yeroon walitti baquu paartilee ammaa miti jedhanii kan mormanis ni jiru. Gaaffiin sabboonummaa finiinee osoo jiruu; mirgi fayyadamummaa sabootaa qixatti osoo hin kabajamin walitti baquun kufaatii guddaadhaaf biyyattii saaxila jedhanii kanneen morman ni jiru.

Balaa Ceehumsarratti Fiduu Malu

Itoophiyaan gara dimokiraasummaatti ceehuudhaaf

carraa guddaa ta`uu kan danda`u, filannoon fuuldura gaggeeffamu haqa-qabeessaa fi hirmaachisaa yoo ta`e duwwaadha. Osoo gaaffiin sabummaa cimee deemaa jiru, paartiin Badhaadhummaa kun Itoophiyaa guddittii jedhee filannoof yoo dhiyaate, mooyachuun hafee rakkoon guddaan isa muudachuu danda`a. Waggoota soddomman dabran keessatti sabboonummaan giddu-gala siyaasa biyyattii ta`uu bira dabree, haala ijaarsa biyyaa keessatti tooftaa baayyee filatamaa ta`ee fudhatamee jira.

Siyaasaa keessatti kaayyoo Itoophiyummaa qabatanii socho`uun kufaatii akkamii hordofsiisaa akka ture seenaa irraa barachuun ni danda`ama. Ammas yeroo sabboonummaan bakka hundatti bu`uura sochii siyaas-diinagdee kamiiyyuu ta`etti, paartiin akka Badhaadhummaa kan sarara sabummaatiin ala bahe kun maaltu isa muudachuu akka malu tilmaamuu barbaachisa. Paartii sabummaa bakka bu`ee, waan hunda faaydaa sabichaatiif hojjedha jedhee kaayyeffate waliin dorgomee injifachuun ni ulfaata. Hanga fedhe karoora guutuu biyyaa qabaatus, paartiin maqaa Itoophiyummaa guddittiitiin socho`u kun siyaasa Itoophiyaa har`aa keessatti madaallii tokkos hin kaasu. Filannoo dimokiraatawaa fi haqa-qabeessa ta`e irratti Sabni kamiiyyuu paartii maqaa isaatiin of waamu filata. Filannoo dhufu irrattis paartiin Badhaadhummaa carraa injifachuu xiqqaa waan qabaatuuf, ceehumsi gufachuu danda`a.

Yoo paartiin Badhaadhummaa kun injifatamee paartii mormitootaaf aangoo dabarsee kennes, sababa paartiin guddaan /qindaa`aan hin jirreef biyyi rakkoo keessa galuu malti. Yoo mootummaan filannoo hatee mooyate ykn erga injifatamees aangoo gadi lakkisuu dides, biyyi gara mootummaa abbaa irreetti deebi`uus ni dandeessi.

Namni paartii kana keessatti garee ofii bakka bu`ee mirga gareetiif falmatu waan dhabamuuf, imaammata faaydaa garee eegsisu baasuu keessattis dhiibbaa ni uuma.

Balaa Federaalizimii sab-daneessummaarratti Geessisuu malu

Ministeerri Muummee irra deddeebi`anii faaydaa paartii haaraa ibsaa turaniiru. Federeeshiinii biyyaaafis ni fayyada; sirna mootummaa giddu-galeessaa uumuuf miti jedhanii ummata amansiisuuf yaalanis paartiin Badhaadhummaa kun dallansuu guddaa uumee jira. Warri bakka bu`ummaa dhugaa, wal-qixxummaa aadaa fi afaanii sirna federaalaa keessatti argachuu barbaadan akka qeeqanitti, paartiin Badhaadhummaa kun olaantummaa isaatiin siyaasa biyyattii dhuunfatee rakkoo duraan ture deebisuu barbaada jedhu. Caasaan paartii kanaa bakka bu`ummaa sabaa diiguu irraa ka`a. Namni paartii kana keessatti garee ofii bakka bu`ee mirga gareetiif falmatu waan dhabamuuf, imaammata faaydaa garee eegsisu baasuu keessattis dhiibbaa ni uuma.

Caasaan Badhaadhummaa kun garee sirna federaalaa mormaniif carraa uumee, federeeshiinii biyyattii diiguu danda`a jedhamee sodaatama. ADWUI haaromsuunis hin milkoofne. paartileen walitti baqanii paartii Badhaadhummaa uumanis, Caasaa isaanii rakkoon guddaan waan muudataa jiruuf ceehumsa gara dimokiraasitti godhamus gufachiisuu danda`a. Paartichi kuufaatii ADWUI irraa baratee, furmaata biroo barbaaduudhaan rakkoo guddaa keessaa bahuu hin dandeenye irraa biyyattii baraaruuf hojjechuu qaban jedha.

Jildii 1ffaa, Lak.6 Muddee 2012

Lalisaa Indiris Adam



HAWWII 'GINBOOT 7'

ODPTIIN KARAA QABATE!



Sagantaa siyaasaafi tarsiimoo bulchiinsa biyya keenyaa keessatti akkaataan itti bulaa turreefi ittiin bulaa jirru sababa ka'umsa fincila uummataa ta'uudhaan aadaa yeroo dheeraa ta'aa dhufeera. Akka Gebru namni jedhamu kitaaba mata dureensaa 'Ethiopia Revolution' jedhu keessatti ibsettis, hundeeffamuu biyya kanaarraa eegalee hanga har'aa kanatti akkaataan mootummaan ittiin uummata bulchuudhaaf yaaduufi uummatni fedhu adda adda ta'uunsaa, garaagarummaa gareewwan hawaasaa keessa jiru hubachuu dhabuun mootummaas fincilli uummataa akka ka'uuf karaa banaa deema. Gochi kun itti fufiinsaan raawwatamus mootummaan rakkoo kana hubatee furuuf yaada kaa'u hin argamne (Gebru 2017). Walumaa galatti barreeffama kana keessatti hundaa'uun paartii Badhaadhinaa yookaan diigamuu ODP rakkoo Oromoo furuufimoo yaada kan biraa uumuufi kan jedhu waliin ilaalla.

Sirni mootummaa tokko bara angoosaa keessatti sagantaafi tarsiimoo mataasaa kan ittiin geggeeffamu, akkasumas uummata bulchu sana bifa kamiin akka isa geggeessu, yaadaafi naamusa sirnichaa waan ibsu dabalataanillee sagantaa siyaasa ittiin uummata biyyichaa bulchu kan mataasaa ni qabaata. Sagantaa siyaasaasaa keessattis, karooraafi yaada sirni sun qabutu ibsama.

Sirni biyya bulchu tokko yoo sagantaa siyaasaa hin qabaatin mootota abbaa hirree yookiin cunqursitoota ta'uuf kaayyoofi yaadni isa daangessu hin jiraatu. Fakkeenyaaf seenaa Itiyoopiyaa keessatti, mootonni abbaa hirree darban hedduunsaanii sababa kaayyoofi sagantaa akkasumas heera biyyattiin hundi ittii walii galte waan hin qabaanneef akka fedhanitti nama yaadasaanii morme ajjeesaa, hidhaa, godaansisaafi doorsisaa turan. Sirnoonni mootummaa heeraafi sagantaa siyaasaa qabanis biyyoota afirikaa keessatti gocha daraaraafi cunqursuu, yaada faallaa keessummeessuu dhabuun inuma isaanirraa mullachaa

tureera.Sirnoonni mootummaa hanga har'aatti biyya Itiyoopiyaa keessatti mullatan hedduunsaanii sagantaa siyaasaa gartokkee ta'e kan fedhaafi yaada namoota muraasaa calaqqisuun of geggeessaa turan. Sagantaadhuma siyaasa kanaanis biyya geggeessuuf yeroo yaalanitti, mormiin uummatarraa isaan mudachuu hanqatee hin beeku.

Mootummaan Minilik sagantaa siyaasaa barreeffamee lafa jiru addatti qabaachuu baatus, akkaataan dhufaatiisaatii biyya tokko, afaan tokkoofi amantaa tokko yaada jedhu calaqqisiisaa tureera. Uummata yaadaafi ilaalcha kana fudhachuu dides ajjeesuutii hanga miidhaa qaamaa irraan geessisuutti duula itti godhaa ture. Ergasii asis mootummaan itti aanee dhufe, Haayile sillaaseenis sagantaa siyaasa Minilik xiqqoo fooyyessuudhaan gara heera barreeffamaatti fidus yaada tokkee, wal caalmaa sabaa calaqqisiisuufi sagalee saboota biroo ukkaamsu ittuma fufsiise. Isas ammoo mormiin uummataa barataarraa hanga waraana biyyaatti itti hammaannaan dhumarra waraanumasaatiin angoorraa kaafamuu danda'e.

Dheebuun sabootni biyyattii qaban, mirgi ofiin of bulchuufi afaan, aadaafi amantaa ofii calaqqisiisuus dhawatuma kana ol ka'ee mullachaa dhufe. Yaadni gartokkee yokiin walcaalmaa sabootaa /olaantummaa saba tokkoo/ akka ka'uu hin dandeenyetti awwaalamee bira darbame. Kufaatii mootummaa dargiin asittis miirri sabummaa, jaalalli biyyummaafi eenyummaa ofii akka dhaloonni barbaadutti bocamee laphee dhaloota tokkoof booji'aa ta'uun guddachuu danda'e.

Egaa sagantaan siyaasa mootummoota abbaa hirree biyya keenyaa sodaa sabummaa, eenyummaafi garaagarummaa aadaarraa ka'uudhaan

Saba maqaa dhahuun, saba ofiif qabsaa'uun akka waan jaalala biyyaa diiguutti, akka miira biyyummaa hirrisuutti warra sababeessaniif karaan baname.

gara olaantummaa saba tokkoo yookiin ammoo gara yaada sabummaa ukkaamsee Itiyoopiyummaa yaada jedhu bocuutti arkifataa ture. Sagantaa mootota kanaas kan waldhaansoo qabaa ture, paartilee siyaasa uummata keessaa ba'anii akka mormaatti ijaaramaa turaniini. Yaadnichis mirga sabootaaf falmuu, sagalee cunqurfamtootaaf ta'uufi mirga diimokiraasii gaafachuun kan jalqabe ture.Qabsoo sagantaa abbaa hirree mormuu kana keessattis, ga'een ijoollee Oromoofi saboota kan biroo isa dursaa ture. (Sanafe 2018)

Jalqabbiin Adda Biliisummaa Oromoo /ABO/ fi DHDUO's sagantaa siyaasa cunqursitootaa yaada gartokkee yookaan olaantummaa saba tokkoo akkasumas, siyaasa sagalee sabootaafi maqaa sabaa ukkaamsee biyyummaa qofa leellisu mormuuf paartiilee duraafi duubaan yayyabamanidha.Sagantaan paartilee siyaasa kunniin yaada mirga sabootaa giddu galeeffatu ta'us, yaaxina /Theory/ adda addaan oofamaa ture. (Imala Milkii Waggaa 60: 2019)Haa ta'u malee paartileen kun lamaanuu mirga Oromoof waan qabsaa'aniif maqaasaanii keessattti qubee 'O'jettu qabaatanii, gabaajee 'Oromoo' jedhuuf hiika ta'aa, paartii Oromoof qabsaa'u ta'anii waliisaaniis diinas dura dhaabbataa turaniiru.

Dhufaatii mootummaa ADWUI asitti paartileen siyaasa Oromoo maqaa dhahatanii hojjetan danatanii jiraatanis isaan martinuu yaada mirga sabummaafi sagantaa siyaasaa Federaalizimii sabdaneessumaa giddu galeeffatanii adeemaa kan turanidha. Garaagarummaa sagantaa siyaasaa keessattis gareen akka mootota durii sanatti, maqaa sabaa dhahuun hin barbaachisu, maqaa sabaa waamuun, saba gargar baasanii qabsaa'uun

jaalala biyyaa xiqqeessa waan ta'eef mirga saboota waan jedhamu kaasuun hin barbaachisu jedhanii amanuun sagantaa siyaasa mataasaanii qabaatanis ni jiru. Garaagarummaan sagantaa siyaasaa sadarkaa yaadaan jirus bakka lamatti hirree ilaaluu dandeenya.

Yaadni inni dursaa, sagantaan siyaasaa keenya mirga sabootaa / federaalizimii sabummaa/ giddu galeeffatu ta'uu qaba.Sababnisaa nuti akka sabaatti garboomne malee akka biyyaatti miti. Sabni inni tokko amantaasaa, aadaasaafi afaansaa nurratti fe'uuf carraa waan argatee jiruuf qixxee keenya garboomaa miti. Sababa kanaaf erga akka sabaatti mirga argannee gara waliin biyya ta'uu, walkabajuufi daneessummaa keenyatti amanuutti dhufna. Kan jedhu ture.

Yaadni inni lammataa ammoo, akka abboota keenya duraa sanatti waa'ee sabaa dubbachuu lagannee, biyya tokko kan daangaa sabummaa hin qabne kan waan tokko yaaduufi jaallatu ijaarranna. Maqaa sabaa utuu hin waamin, qabeenyaafi eenyummaa sabaa waliin qooddannee jiraanna. Jaalala sabummaan utuu hin taane jaalala lammummaan waliin jiraanna. Daangaa mata mataa keenyaa akka sabaatti baafannee jiraachuun sirrii miti, amaarris Oromoo, Oromoonis Amaara, Tigireen Guraagee, Guraageen Tigiree, Sidaamni Walaayittaa, Walaayittaanis Sidaama, Somaaleen Affaar, Affaaris Somaalee bulchuuf mirga qabaachuutu irra jiraatayaada jedhu kaasuudhaan yaada isa kan sabummaa faallessu. Keessattuu warri kun, saba maqaa dhahuun, saba ofiif qabsaa'uun akka waan jaalala biyyaa diiguutti, akka miira biyyummaa hirrisuutti sababeessu. (Gebru Tareke 2017)

Sagantaa siyaasa mirga sabummaagiddu galeeffatu warri

yaadni paartiin badhaadhinaa qabatee adeemu kun, naannoolee diiguudhaan akkaataa teessuma lafaan qoodee, garaagarummaa sabaa lammummaan aguuguudhaan yaada sagantaa siyaasaa Caamsaa 7 keessa jiru, kan qoodama sabummaa akkasumas mirga ofiin of bulchuu sabootaa balleesu sana fudhatinnaa yaada jedhuuf karaa banee jira.

oofan ammoo, sabummaa dhiisanii biyya maqaa waamuun mirga ofiin of bulchuu sabaa balleessa, afaan sabootaa ukkaamsee afaan tokkoofi aadaa tokkicha ballisa, eenyummaa waaqni nuuf kenne nurraa haqee eenyummaa kan biraa nutti fe'a kanaaf biyyuma tokko keessatti garaagarummaa keenyaan wal kabajnee waliin jiraanna malee, sabummaa keenya dhiisnee hin qabsoofnu yaada jedhuun yaada biyuummaa kana qeequ.
Sirni mootummaa ADWUI keessaattis mirgi sabaafi sablammiilee amma tokko eegamee, sirni federaalizimii sabummaas yeroo dursaaf biyyattii keessatti yoo diriiru, sagantaan siyaasa ADWUI's yaada mirga sabootni ofiin of bulchuu eeguu kan dursaa godhanii, akka sabummaatti naannolee biyyattii bakka sagalitti hiruun bulchuunsaanii saboota hedduu gammachiisus, paartileen siyaasa biyyummaa hordofanii itti gammadoo hin turre. Sababa kanaafis paartii siyaasa mataasaanii dhaabuudhaan sagantaa siyaasaa sabdaneessummaa faallessu baafatanii, maqaa Itiyoopiyaa jedhuun walitti qabaa uummataa of taasisanii paartii ADWUI mormu ta'uun dhihaataa turaniiru.

Isaan keessaas paartiin Qinijjit / Qindoominaa/ jedhamu 1997 keessa ADWUI moorkachuuf sagantaa siyaasa faallaa sabdaneessummaa qabatee dhihaatee ture. Ergasii asis paartiin sun sagantaadhuma sana fooyyessuudhaan maqaasaa Caamsaa 7tti jijjiirratee morkachaa tureera. Yeroo dhihoo asitti ammoo paartiin kun ammas yeroo sadaffaaf maqaa EZEMA jedhuun sagantaadhuma sana fooyyessee dhihaateera. Sagantaan paartiin kun oofu irra caalmaansaa federaalizimii sabdaneessummaa kan balaalleffatu yeroo ta'u, yaadaafi hawwii biyya tokkicha kan mirgi ofiin of bulchuu sabootaa keessa hin jirre leellisuudha. Dabalataanillee caasaan bulchiinsa

Naannolee jiru diigamuudhaan, biyya Itiyoopiyaa jedhamtu qofa haala teessuma lafaan akka durii sanatti hiramtee buluu qabdi malee, akka sabaatti ijaaramee mootummaa naannoo naannoos jiraatee ofiin of bulchuun barbaachisaa miti yaadni jedhus, galma isaanii isa hangafaafi akka yaada furmaata rakkoo biyyattiitti kan dhiheffatanidha.

Paartiin biyya kana bulchaa jiru ADWI'n ammoo 1983-2012tti yaada mirga sabdaneessummaa jedhuun kan geggeeffamaa ture ta'ee, aadaafi afaan sabootaa akkasumas mirgi ofiin of bulchuu sabootaas eegamee akka guddatu taasisaa tureera. Haa ta'u malee, jijjiirama humnaan ADWUItti seene kan bara 2010 asitti garuu, jijjiiramuu geggeessaa paartichaa dabalatee hanga jijjiiramuu maqaa paartiifi sagantaa siyaasa paartiitti qaqqabe. Sagantaan siyaasa ADWUI duraan mirga sabootaa giddu galeeffataa, akkasumas federaalizimii sabummaa bu'ura godhates battaluma jijjiiramuudhaan gara sagantaa biyyummaafi lammummaatti gedderamuu danda'e.

Yaada sabummaa dheessuudhaan gara yaada mootota durii yookaan EZEMA ammaattis kan dhihaatu, sagantaan siyaasa haaraan ADWUI labasatedha. Maqaa ADWUI jedhu gara PP jedhutti deebisuudhaan akkasumas paartilee sabummaan hundaa'an fakkeenyaaf ODP, ADP kan jedhu balleeffamanii, PP kan jedhu qofaan akka waamamaniif taasisuun sagantaafi ittiin bulmaati paarticha seera baase. Kana jechuunis kan kanaan dura ODP Oromiyaa bulchaa ture hafee amma kan Oromiyaa bulchu PP ta'a jechuudha. Akka sagantaa siyaasa PP kanaattis, waajjiraaleen PP sadarkaa olaanaarraa hanga godinaatti ni jiraatu. Waajjiraaleen kunniinis gararraadhaa hanga godaatti PP jedhamanii waamamu malee maqaa sabaas ta'e biyyaa of dura kan buusan miti. Yaada kanas qondaalli mootummaa PP Obbo Taayyee Danda'aa afgaaffii OMN waliin Sadaasa 4/2019 taasisaniin akka ibsanitti, maqaa biyyaa yookaan sabaa fuuldura buusuun barbaachisaa wanti ta'uu dhabeef qaamni nuti qabsoofnuuf yookaan biyyi keenya beekamaadha waan ta'eef maqaa biyyaa fuuladura kaa'uun barbaachisaa miti jedhan. Dabalataanis akka isaan jedhanitti, PP'n kan biyyummaas dhaadessu, kan sabummaas dhaadessu utuu hin taane giddu galeessadha.

Yaadni kunis akka konkolaataa marii naannessuun kallattii duraan ture gara biraatti gedderateetti, ADWUI federaalizimii sabummaaraa gara federaalizimii teessuma lafaatti jijjiiramu isaa ifa godha. Jijjiiramni battalaa ADWUI'n sagantaa siyaasaafi sirna bulchiinsaairratti taasise kunis yaada haaraa burqe utuu hin taane, yaada paartilee ilaalcha biyyummaa qofaan bulla jedhan EZEMA fi Caamsa 7 faana tokkuma. Sagantaan siyaasa Caamsaa 7 Keeyyata 3 Citaa 4 jalatti akka jedhutti, "sabummaan lammii biyyatti gargar hiramee caasaa adda addaafi ilaalcha garaagaraatiin gargar hiruudhaan mootummaa bittaasaa dheereffachaa jiru cimsinee mormuudhaan, lammilee biyyattii ilaalcha sabummaa keessaa baasuun gara ilaalcha lammummaatti fiduuf ni hojjenna jedha. Dabalataanis seensa sagantaa siyaasa kanaa keessatti dhaamsi akka cuunfaatti barreeffamee jiru, "…hawwiin keenya waan biyya keenya keessatti adeemsifamaa jiru siyaasa sabummaa, dinagdee sabummaafi carraa hojii sabummaa akkasumas ammoo sabaan qoodamanii mootummaa sabaa qabaachuu sana hambifnee, uummata tokko, biyya tokko hundeessuun naannoo tokkicha uumuudha" kan jedhudha.

Yaadni kunis ilaalchi sabummaa yookiin siyaasni federeeshiniin qoodamanii biyya tokko keessa jiraatan akka cubbuutti akka ilaalamu fakkeessuun ibsuun alatti, hawwiifi kaayyoon paartichaa maqaa biyyaan qabsaa'uu malee mirga sabootaafi ofiin of bulchu sabootaa kan giddu galeeffate akka hin taane agarsiisa.

Haaluma kanaan sagantaan siyaasa PP Yookiin Paartii Badhaadhinaa kan yeroo ammaa biyya bulchaa jiru kanaas akkaataa ibsaafi caaseffama keeyyataan garaagara ta'us, yaadaafi ergaa sagantaa Caamsaa 7 waliin garaagarummaa addaa hin qabu. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, maqaa paartiisaanii fuulduraa gabaajee saba bakka bu'u balleessuu dabalatee, akkaataan fayyadama Afaanii naannoolee afaan hojii naannichaan alatti, afaan dabalataa biyyattii akka jiraatu sagantaan siyaasa Badhaadhinaa Keyyata 5 citaa 3 jalatti ifoomee jira. Itti dabalaanis Keeyyata 8ffaa citaa lama jalatti yaadniifi hawwiin paartii Badhaadhinaa yoo ibsamu, uummattummaa, dimookiraatummaa, badhaadhummaafi sabdaneessummaa biyyummaa keessa jiru jedha.

Yaadni kunis kallattiin mootummaan kun qabate garam akka ta'e gulantaa ifa godhu isa duraa ta'uun uummatni baayyeen gurra kennuudhaan akka isa dhaggeeffatu taasise. Dhaggeeffannaan kunis dhageetti gaariin utuu hin taane ija shakkii sabootaa banuun akeeka haaraa akka akeekamuuf sababa ta'e. Akeekni kunis yaadni paartiin badhaadhinaa qabatee adeemu kun, naannoolee diiguudhaan akkaataa teessuma lafaan qoodee, garaagarummaa sabaa lammummaan aguuguudhaan yaada sagantaa siyaasaa Caamsaa 7 keessa jiru, kan qoodama sabummaa akkasumas mirga ofiin of bulchuu sabootaa balleesu sana fudhatinnaa yaada jedhuuf karaa banee jira.

Kan ta'u bullee ilaalla!

Galatoomaa; Atooma hin dhabinaa!

Jildii 1ffaa, Lak.6 Muddee 2012
Qaasim Amaanoo

“Jijjiiramni kun humna sirna durii barbaadanitti Onnee hore.”

Piroofesser Baqqalaa Guutamaa



Barruun Gullallee Post Afaan Oromoo torbaan lamatti al-tokko kan maxxanfamu yommuu ta`u, Qophii ilaafi ilaameetiin keessummoota garagaraa qabattee dhiyaatti.Haaluma kanaan torbaan kanas Yuunivarsiitii Finfinneetti Hayyuufi Barsiisaa Faalasamaa(Philosophy) kan ta`an dhimmoota walii galaa irratti qophii keenyaaf keessummaa taasifannee jirra.

Baqqalaa Guutamaa Jabeessaa jedhamu. Godina Shawaa Lixaa Magaalaa Amboottii kan dhalatanii guddatan yommuu ta`u,Sadarkaan barnoota isaanii Pirofeesara. Bara 1980 ALA irraa jalqabanii barsiisummaa fi hooggansa adda addaa irratti Yunivarsiitii Finfinnee keessatti hojjetaa jiru.Barnoota digrii jalqabaa Faalasamaan /Philosophy/ bara 1980 ALA yuunivarsiitii Finfinnee irraa; digrii lammaffaas Falaasamaan bara 1988 ALA yuunivarsiitii Fireedriich Schiilar Jaarmaanirraa, akkasumas digrii sadaffaatis barnootuma falaasamaan bara 1998 tti Yuunivarsiitii Veenaa Austiriyaatti kan baratan yommuu ta`u, waraqaa ragaa gahumsa barsiisummaa dhaabbilee barnoota olaanoo irraa kennamus bara 2016 tti argatanii jiru. Piroofeesar Baqqalaan sadarkaa Idil Addunyaa fi biyyaatti badhaasota gara garaa 8 ol kan badhaafaman ta`uu isaa seenaa jireenya isaanii ni ibsa. Gaaffiifi deebiin Qaasim Amaanoo waliin taasisan kunooti. Dubbisa gaarii!

GP: Gaaffiifi deebii nu waliin taasisuuf haayyamamaa ta`uu keessaniif galatoomaa jechaa mee ogummaa keessan irraa haa kaanuutii, Falaasamni siyaasaa addunyaan ittiin hoogganamtu maal fa`a?

Pirof. Baqqalaa:Faalasamni bu`uura barnoota hundaati. Gaaffii gurguddaa kaasa, deebiis irraa argatta. Addunyaan faalasama addaaddaatiin gaggeeffamti, kaapitaaliziimii, soshaaliziimii Liberaaliziimii fa’a kaasuun ni danda’ama. Biyyi tokkos falaasama kamiiyyuu hordofuu dandeessi.Garuu haala aadaa, seenaafi safuu biyya sanaa sirritti beekuu barbaachisa. Falaasamni bu’uura ta’a malee gaaffii biyya tokkoo hin deebisu. Gaaffii ummataa deebisuun kan danda’amu qajeelfama sirrii yaaada ummataa

→



Ilaafi ilaamee

irratti hundaa'e baasuudhaan ta'a.

GP: Kitaaba Ida`amuu Dr. Abiyyi qopheessan akka falaasamaatti dubbatmaa jira. Isin mee waan kana akkamitti ilaaltan?Falaasamichi faaydaa akkamii qaba jettu?/yoo dubbiftan ta`e.

Pirof. Baqqalaa: Ani kitaabicha waan hin dubbifneef yaada kennuu hin danda`u.

GP: Haa ta'u egaa, mee Falaasamoota addunyaan ittiin bultu keessaaisa kamtu biyya akka Itoophiyaatiif mijataadha jettu?Isa kamtus dimokiraasii dhugaa biyya kana keessatti dagaagsuu danda`a?

Pirof. Baqqalaa:Akka Afrikaatti dimokiraasiin akka barbaachisu irratti waliif galamee biyyi hunduu wacaa ture. Kunis waggaa 30 oliif tattaaffii godhameedha. Gaaffiin guddaan garuu dimokiraasii akkamii kan jedhuudha. Waraana Qabbannaa'aa (cold war) booda dimokiraasiin yaalamee ture.Garuu biyyoonni Afrikaa ittiin milkaa'uu hin dandeenye. Warri falasama qoratan akka yaadaa jiranitti, dimokiraasiin dhihaa biyyoota birootiif nita'a moohin ta'u jedhanii yaaddoo qabu. Aadaan Afrikaa fi kan lixaa garaa gara. Rakkoon nuti hiikuuf deemnus adda adda.Biyyoonni hunduu Seeraafi bulchiinsa mataa ofii qabu.Osoo biyyoonni Awurooppaa Dimokiraasii hin jalqabin dura Afrikaan sirnaa fi seera mataa ofii qabdi ture.Isaan keessaa Sirni Gadaa Oromoo akka fakkeenyatti ka'a.Sooshaaliziimii fa`as yaalleerra, nuuf hin taane. Kanaafuu falaasama kamirrayyuu safuu biyya kanaa eeganii bulchuutu caalmaatti furmaata ta`a.

GP: Afrikaa keessatti dimokiraasii hin barbaachisu moo? Tooftaa bulchiinsa biraatuu jira jettu?

Pirof. Baqqalaa:Afrikaa keessatti sagaleedhaan harka baasanii waa murteessuun hin baratamne. Aadaan Afrikaan ittiin bulaa turte waliigalteedhaan (consensus) irratti hundaa'uudhaan ture. Sagalee caalmaa (Majoreterian democracy) kan jedhu hin barbaadan. Gaafa sagalee kennitu warri harka 51% argate ni mooyata. Warri harka 49% ta'e immoo ni mooyatama. Sagalee nama tokkootiif jecha mirgi namoota hedduu hacucamuu danda'a jechuudha.Kanaafuu hayyoonni tokko tokko ni mormu. Haalli kun mirga namoomaas ni miidha. Inni Afrikaan waliigatteedhaan bulchitu kun filatamaadha warri jedhanis jiru. Kun immoo walii galuu, walii dhiisuu, wal-hubachuu fi fedhii adda addaa keessummeessuuf kutannoo guddaa gaafata. Fudhatanii kennuu (give and take) yoo hin taanee ni ulfaata. Ati kankoo naaf kabaji; anis kan kee siif kabajaa, kan garaagarummaa qabnurratti waliif obsuu qabna yaada jedhu of keessaaa qabaata.

GP: Sagalee caalmaa (Majoreterian democracy)fi dimokiraasiiwaliigaltee (consensus democracy) keessaa kamtu irra nuuf filatamaree?

Pirof. Baqqalaa: Wanti ijoon ta'uu qabu dimokiraasiis ta'ee faalasama biraa haafayyadamnuu, fedhiifi gaaffii ummataa sirritti beekuu barbaachisa. Kanaan alatti dimokiraasiin gatii Jaarmaanitti ykn Ameerikatti hojjateef gara biyya keenyaatti fidnee akkuma jiruun hojirra oolchina jechuun rakkisaadha. Rakkoon bu`uuraa keenya maaliidha, sirna dimokiraasitti maal yoo daballe, maal yoo irraa hir'isne, akkamitti hojirra yoo oolchine rakkoo bu`uuraa furuu dandeenya jedhanii bifa biyyaaf ta'uun bocuu barbaachisa. Akkanumaan dimokiraasii jedhanii biyya Ormaa irraa woraabanii hojirra oolchuun ni ulfaata.Humna biyyaa ilaaluun, haala biyyaa ilaaluun ta'uu qaba.

GP: Falaasamni hanga ammaatti Itoophiyaan ittiin bulaa jirtu falaasama akkamii keesstti ramadama?

Pirof. Baqqalaa:Warraaqsa dimokiraasii (Revolutionary democracy) jedhamaa ture. Kana maalakka inni ta'es hin beekamu. Paartii EPRDF /ADWUI/ kanatu akka ofii barbaadutti biyya ittiin cunqursaa ture.Mirga namaa ittiin sarbaa ture. Revolution /warraaqsa/ iechuu hin dandeenyu.Warraaqsi akkanaa miti. Kun faalasama /Ideology/ paartii isaanii kan aangoo ittiin tursiifachuuf bocatan malee, dimokiraasiin warraaqsaa kan akkanaa eessayyuu hin jiru. Sirni kun warra aangoo irra jiran akka sooromaniifi aangorra turan fayyadee jira. Seeraafi yaada namaa cunqursuudha malee falaasama/Ideology/ siyaasaa isa sirrii miti.Dimokiraasii warraaqsaas miti. Dimokiraasiin warraaqsaa saamicha hin qabu.Haa ta'uu malee guutumaan guututti waan gadhee qofa hojjataa turan jechuu miti. Dimokiraasiin warraaqsaa nama cunqurfameef dhaabbatanii, ummata hiyyummaa keessaa baasuuf ciminaan hojjachuu fa'a of keessaa qaba.

GP: Walitti baquun paartii ADWUI kun yaaddoofi carraa akkamii qaba jettanii tilmaamtu?

Pirof. Baqqalaa: Haalli paartii walitti baqsuu kun ifaa miti. Maal akka yaadanis namaa hin galu. Shakkii guddaa ummata keessatti uumeera.Gaaffiin waggaa dheeraa Federaaliziimiin akka dhufu godhee jira.Kun ofiin of bulchuufis, waliin buluufis sirna gaariidha. Haalli EPRDF itti deemaa jiru kun sirna federaaliziimii waan duubatti deebisu fakkaata. Yaada Muummeen federaalaa kennanis dhagayee ture.Yaada Itti aanaan perizidantii Oromiyaa dubbates hanga tokko dhagayeera. Homaa ifa naaf ta'uu dide. Paartiin ODP, ADP wanti jedhamu kun walitti makamee federaaliziimii akkamii akka hojirra oolchan, sirna sab-daneessaafi Afaan hedduu akkam gochuu akka fedhan shakkii guddaadha. Ummatnis irratti

Gara fuula 15tti naannaeera

Jildii 1ffaa, Lak.6 Muddee 2012

Ayyalee Galaan(PHD)



BINEENSA LEENJISUU:

GABAA GURRAACHA IFATTI FUDHACHUU FI SHARAFA GAR-LAMEETTI GARGAARAMUU!

Qaasim Amaanoo (Gullallee Post Afaan Oromootiif akka hiiketti)



MinisteerriMuummeen Abiyyi Ahmad rakkoolee sharafa alaa Itoophiyaa keessa turan furuuf waan gaarii hojjechuu jalqabee ture. Hariiroo ummataa gaarii uumuudhaan, deeggartoota adda addaa hawwatee Itoophiyaa cinaa akka dhaabbatan taasisee jira. Gama kanaan bu`aa gaarii galmeessiseera.

Rakkooleen sharafa alaa Itoophiyaa haala miidhaa guddaa qaqqabsiisuu danda`uun hammaachaa dhufaa jiru. Kunis sababootni adda addaa kallattii garagratiin mul`achuu isaati.

Barreeffama koo “How Can Ethiopia Boost Remittance Inflows?”, jettu keessatti akkaataa galiin biyyaa ittiin dabaluu danda`an ibseen ture. Innis, sharafa gar-lamee fayyadamuun rakkoolee sharafa alaa yeroodhaaf ni fura waan ta`eef, tooftaa kanatti gargaaramuun akka falatti ibsee ture. Barreeffama tana keessatti sharafa gar-lamee fayyadamuudhaan akkamitti rakkoo sharafa alaa hammaataa Itoophiyaa muudate keessaa bahuun akka danda`amu kaasuuf nan yaala.

Rakkoo jiru sirritti beekuu

Garaagarummaan gatii sharafa seera-qabeessaa fi gabaa biroo keessa jiru rakkoolee jijjiirraa maallaqa Itoophiyaatiif bu`uura guddaa ta`ee jira. Haalli kun agarsiiftuu rakkoolee wal-xaxaa birootiifis daandii kan saaqeedha.

Gatiin garaagarummaa sharafaa kun waggaa waggaatti dabalaa deemuun, rakkoon diinagdee ji`oota dhiyoo keessatti baayyee hammaachaa dhufee jira. Gabaa seera-qabeessa keessatti gatiin sharafa doolara Ameerikaatokko , birrii 28.7395. Gabaa seera qabeessa hin taane keessatti garuu doolarri Ameerikaa tokko hamma Birrii 41 akka gahee jiru odeeffannoo qaba. Kana jechuun harka tokkoo fi walakkaa oliin gabaa seera qabeessa caala jechuudha.

Mootummaan Itoophiyaa gabaa seeraan alaa balleessuudhaaf humnaan too`achuu qofaan yaalaa ture. Haalli kun yeroodhaaf qabbaneessuu ta`a malee, gabaa gurraacha\daldala seeraan alaa Itoophiyaan waggoota hedduuf keessa turteef furmaata waaraa ta`uu hin danda`u. Hanga

→

Itoophiyaan oomisha al-ergii gahaa ta`e horachuu hin dandeenyetti, rakkoo sharafa alaa keessaa bahuun hin danda`amu. Daldalli seeraan alaa haala adda addaatiin uumamuun isaa waan hin oolleedha.

Sharafa gabaa gurraachaa dhabamsiisuuf mootummaan daldaltoota seeraan alaa muraasa ari`uu fi daldala isaanii cufsiisuu ni danda`a. Garuu gabaa hunda too`achuu waan hin dandeenyeef, Maallaqni humna bittaa guddaa qaban/ hard currency/ ta`an seeraan ala gabaa biyyattii keessa seenuun daldalamaa jiru. Biyya alaa keessattis gabaan seeraan alaa baayyyinaan babal`ataa jiru.

Gabaan gurraachi diinagdee Itoophiyaa karaa hedduun miidha. Tokkoffaa irratti humni galii biyyattii hundi harka daldaltoota kanneenii qofatti akka deebi`u taasisa. Doolarri biiliyoonotaan laakka`amu kan karaa seera qabeessaan Itoophiyaaf galuu qabu gara gabaa seeraan alatti gala. Maallaqa haala kanaan argamus daldaltoota kanneentu meeshalee fi tajaajila Itoophiyaatiif oolaniif bitee itti fayyadama.

Daldaltoonni meeshaalee baayyee alaa galchan kunneen maallaqa xiqqoo baankii biyya keessaa irraa argataniin wal-simsiisuuf jecha nagahee ittiin meeshaalee bitan irratti gatii xiqqeessanii barreessisu.Sababa kanaaf jecha bu`aan daldala kanarraa argamuu fi ragaan sirriin haala daldala biyyattii ibsu argamuu hin dandeenye.

Sharafa gar-lamee/gatii gara garaa / Dual Exchange Rate

Sharafni gar-lameen tooftaa gabaa seeraan alaa gara seera-qabeessummatti ittiin deebisan yommuu ta`u, maallaqa sharafa irraa argamus gara baankii biyya keessatti akka galu gochuuf faaydaa guddaa qaba.Sharafa gar-lamee jechuun gabaa sharafaa gatii adda addaa qabu bifa seera-qabeessaan wal-maddiitti adeemsisuu jechuudha.Hojirra oolmaan isaa haalaa fi dandeettii biyyaa irratti hundaa`a. Kana gochuun kan danda`amu, gatii sharafa lameenuu daangessuudhaan ta`a. Itoophiyaadhaaf kanneen armaan gadiittu fayyada jedhee yaada:

- Sharafa seera qabeessa / existing official exchange rate/bifa dhaabbataa ta`een dhimma daldala al-ergii fi alaa galchuutti /exports and import/ fayyadamuudha.
- Sharafa isa lammaffaa/ gabaa dhaabbataa hin taane immoo dhimma jijjiirraa maallaqaatiif itti fayyadamuudhaan wal-cinatti adeemsisuun ni danda`ama.

Daldaltoonni as keessatti hirmaatanis haala gatii gabaa irratti kan hundaa`an yommuu ta`u, qondaaltonni gabaa kana too`atanis guyyaa guyyaadhaan gatii jijjiiruu qabu. Tooftaan kun gabaan seeraan alaa sadaffaan akka hin uumamneef ni fayyada.

Sirni sharafaa inni lammaffaan kun gabaadhaan kan murtaa`u waan ta`eef, namni maallaqa gara Itoophiyaatti ergu kamiiyyuu karaa kanaan ala erguuf sababa hin qabaatu.

Diyaaspooraawwan Itoophiyaa gatii gabaa seeraan alaatiin walqixa ta`een, gabaa seera-qabeessa kana fayyadmanii maallaqa isaanii gara biyya isaanitti erguuu ni danda`u jechuudha.As keessatti doolarri biliyoonotaan laakka`amu kan biyya ormaatti qisaasa`u salphaatti gara baankii biyyaatti akka galuu fi faaydaa adda addaatiif akka ooluuf gargaara.

Sharafni gar-lameen kun dhugaa lafarra jirutti gargaaramuun bu`aa kan buusuu danda`uudha. Gatiin sharafaa wal-cinaa/ parallel rate/ kun gabaa jijjiirraa maallaqaa keessatti baayyee barbaachisaadha. Sharafni kun fedhii bittaa fi dhiyeessii kan walitti dhiyeessu yoo ta`e mootummaan fudhtee hojiira oolchuu qaba.

Daldaltoonni alaa-galchii irratti hojjetan waggoota hedduuf too`atanii turan.Daldaltoonni kunneen gabaa gar-lamee kana fayyadamanii hojiirra yoo oolchan, mootummaanis sirna kana cimsee raawwachiisuu irratti wanti isa

Birrii baayyee maxxansiisanii bittaa doolaraa qofarratti fixuu dhiisanii imaammata haaraa irratti xiyyeeffachuu barbaachisa.

sodaachisu jiraachuu hin qabu. Qaamni mootummaa kana mijeessuu yoo baate ofii isaatii rakkoo ofirratti cimsaa jira jechuudha. Hundaa olitti mootummaan daldaltoota dhuunfaa osoo hin taane, maallaqa too`achuu sirritti danda`a. Birrii baayyee maxxansiisanii bittaa doolaraa qofarratti fixuu dhiisanii imaammata haaraa irratti xiyyeeffachuu barbaachisa.

Gatii sharafaa gar-lameetti fayyadamanii wal-cinaatti milkeessuudhaaf, gatii dhaabbataa seera-qabeessa ta`e tokko sirritti too`achuun barbaachisaadha.Birriin tajaajila malee taa`u kamiiyyuu karaa hundaan too`atamuu qaba. Yoo Itoophiyaan humna oomishaa guddifattee meeshaa gahaa ala erguu eegalte birriin hojii malee taa`us jiraachuu ni danda`a. jiraatus rakkoo hin fidu. Sababa gadi bu`uu humna bittaa birriitiin oomishni al-ergii gahaan dhabame falmiin jedhus ni hafa.

Yeroo ammaa Itoophiyaa keessatti humni bittaa birrii harka hedduun gadi hir`atee jira.Dhiyeessiin al-ergiidhaaf biyyattiin qabdus baayyee gadi bu`aa dhufe. Gatii dhabuun birrii kun miidhaa guddaa kan qabu yommuu ta`u, Yeroo dhiyoo ykn giddu-galeessa keessatti, meeshaalee al-ergii akka rakasan taasisee meeshaalee alaa galan immoo qaalessuu danda`a. Dhiyeessii gahaa hin qabdu taanaan, waan xiqqoo harkaa qabdu san immoo gatii rakasaatti gurguruun gowwummaa taati. Gama biraatiin meeshaalee alaa galan irrattis gatii dabaluun caalmatti balaa guddaa fida. Keessattuu Itoophiyaan meeshaalee bu`uuraa kan akka qorichaa, boba`aa fi kanneen biroo waan galchituuf gatii dabaluun rakkicha hammeessuu danda`a.

Gatiin sharafa gar-lamee kun furmaata yeroo gabaabaa akka ta`e hubatamuu qaba. Itoophiyaanis dhawaata dhawaataan kana keessaa baatee, humna dhiyeessii al-ergii gahaa horachuudhaan sirna sharafaa of danda`e keessa galuu qabdi. Kana gochuun yoo danda`ame sharafni gatii adda addaa hafee gara tokkotti dhufa jechuudha.

Sharafni gar-lameen kun eessa fa`atti hojiirra oole?

Sharafni gatii adda addaa kun biyyoota hedduu keessatti hojirra oolee jira. Biyyoota Awurooppaa kanneen guddatanii fi biyyoonni guddataa jiran kan Laatin Ameerikaa bara 1980 `mootaafi 1990 moota keessa sirna sharafaa kanatti dhimma bahaa turan. Bara 1980`moota keessa yommuu diinagee isii ammayyeessaa turtetti Chaaynaan sirna kanatti fayyadamteerti. Afikaan Kibbaas bara 1990`moota keessa ceehumsa siyaasaa fi diinagdee gaggeessuudhaan sirna sharafaa kanatti gargaaramaa turte.

Naayijeeriyaan yeroo ammaa sharafa gatii adda addaa qabu Afur kan dhimma garagaraatiif oolu qopheessitee jirti. Kanneen keessaa tokko sharafa gabaa gurraachaati. Kunis sirnaan hojirra oolchuu dhabuudhaan akkasumas fedhii fi dhiyeessii wal-simsiisuu dadhabuu irraa kan ka`e hanga barbaadame milkaa`uu hin dandeenye.

Walumaagalatti sharafa gar-lameen wal-qabatee muuxannoo biyyoota adda addaa irraa akk hubatamutti,biyyi takka yoo rakkoon diinagdee irra gahe ykn immoo jijjiirama diinagdee fiduudhaaf yommuu hojjetaa jirtutti kan fayyadamtu ta`uu isaati. Haala kamiiyyuu keessatti sharafa alaa taasgabbeessuun barbaachisaadha. Yommuu biyyi rakkoo diinagdee irraa bayyanattuu fi diinagdeedhaan of dandeettee taasgabbooftu tarkaanfiin gabaa irratti yeroof taasifamaa turekun ni hafa.

Bu`aa waliinii fiduu irratti

Har`atti Itoophiyaadhaaf shrafa gatii gar-lamee kana fayyadamuun filannoo imaammata isa sirriiti.Sirna kana keessatti qaamni sharafa alaa irratti bobba`e kamiiyyuu ni milkaa`a jedhamee yaadama.Daddabarsa maallaqaatiin wal-qabatee qooda fudhattoota gurguddoo sadi irratti xiyyeeffachuu dandeenya.

Tokkoffaan mootummaa fi diinagdee waliigalaa: yeroo ammaa kana Doolarri biiliyoonotaan laakka`amu gabaa gurraacha biyya keessaa fi alaatti seeraan ala naanna`aa jira. Kunniin hunduu karaa sirriitti dhufuudhaan bifa seera-qabeessaan akka adeemu gochuudha. Tooftaan kun sharafa alaa biyyattii guddisuudhaan, mootummaan kadhaa fi deeggarsa adda addaa irraa akka baraaramuuf ni gargaara.

Lammaffaa irratti, Diyaaspooraawwan Itoophiyaa maallaqa isaanii karaa sirrii ta`een erguu qabu. Gabaa gurraachatti fayyadamuun nama dhuunfaa irrattis miidhaa guddaa geessaa jira. Kanaafuu namni kamiiyyuu karaa daddabarsa maallaqaa isa sirriitti fayyadamee gara laakkofsa baankii isaa ykn fira isaatti erguudhaan ofiis fayyadamee biyyas fayyaduu barbaachisa.

Sadaffaa irratti wanti hubatamuu qabu, sababoota gabaan gurraachi akka babal`tan taasisan keessaa inni guddaan hanqini sharafa maallaqa biyya alaa baankii Itoophiyaa keessa jiraatuu isaati. Yeroo tokko tokko hanqini kun kan muudatu kafaltiin maallaqaa karaa sirrii ta`een waan hin raawwatamneefiidha. Daldaltoonni meeshaalee alaa galchuu irratti bobba`an, baankii biyya keessaa irraa sharafa maallaqa biyya alaa waan hin arganneef, karaa seeraan ala ta`een gabaa biyya alaa fi biyya keessaa irraa fayyadamuuf ni dirqamu.

Sharafa gatii gar-lameetti fayyadamuun dhimmamtoota hojii jijiirraa maallaqa alaatiin wal-qabatan irratti hirmaatan hundaaf bu`aa ni buusa. Kophaa kophaatti gabaa biyya alaa irratti hirmaachuu caalaa Guddinna diinagdee walii galaatiif gamtaan hojjechuun faaydaa olaanaa qaba.



Ilaafi ilaamee

Fuula 11 irraa kan naannaʼe

waliif galuu qaba ture. Gaggeessitoonni paartilee adda addaas irratti mariʼatanii yaada osoo kennanii gaariidha.Mootummaa giddu-galeessaa (unitary state) deebifna jedhamee yoo yaadame namni isaaniif tole jedhee fudhatu hin jiru natti fakkaata.Walitti baquun paartiilee EPRDF kun yoo dimokiraasii cimsee federaalizmii kan caalmattii dagaagsu taʼe hin jibbinu. Garuu kana gochuu ni dandaʼaa kan jedhu shakkii guddaadha.

GP:Biyyi Itoophiyaa tun rakkoo walxaxaa keessa seentee jirti.Buʼuurri rakkoo kanaa maal?Rakkoo kana furuufis aangaʼoonni Itoophiyaa maal gochuu qabu jettanii yaaddu?

Pirof. Baqqalaa:Warri biyya bulchan kun sadarkaa ummanni keenya irra gahe, waan ummanni fedhu, waan ummata fayyaduufimiidhu sirritti adda baasanii beekuu qabu. Akkuma Qonnaan bulaan waan lafti sun biqilchuu dandeettu qofa facaasuu qabu jechuudha. Sanyii lafti barbaaddu dhiisanii wanta ofii barbaadan yoo facaasan oomisha barbaadamu argachuun hin dandaʼamu.Mootummaanis waan ummanni fudhachuu barbaaduufi hin barbaadne adda baasee beekee bulchuudha malee, nutu waan isiniif tolu beeka jedhanii qubbaa gadi itti feʼuun hin dandaʼamu.

GP: Haalli ijaarsa Itoohiyaa maalirratti ture (state building and nation building) Rakkoo akkamii qaba?

Pirof. Baqqalaa: Biyyoonni Addunyaa baayʼeen humnaan ijaaramte. Haalli ijaarsa isaanii garuu garaagarummaa qaba.Itoophiyaan jaarraa 19ffaa keessa ummata ofiin of bulchuuf yaalaa ture Cabsuudhaan ijaaramte. Fakkeenyi isaan fudhataa turan kanneen akka Jaarmaan faʼa ture. Garuu haalli biyyoota kanneenii garaagarummaa guddaa qaba. Biyya Jaarmaan keessa saba tokko, Afaan tokkoofi aadaa walitti dhiyaatu warra qabantu ture. Kanaafuu akka Jaarmaan tokko taate tokko taana jedhanii yaaduun hin dandaʼamu.

GP:Akka Jaarman sanatti biyya kana yookaan ammo Itoophiyaa tokko taasisuun maaliif dadhabama jettu isin?

Pirof. Baqqalaa:Biyya Itoophiyaa garaagarummaa adda addaa qabdu kana akka wal-dandaʼanii ofiin of bulchaa tokkummaadhaanis jiraatan gachuudha malee; Aadaa, Afaan, Seenaafi amantaa irraa mulqanii salphisanii tokko taasisuun gonkumaa hin dandaʼamu. Mootummaan Haylasillaasees yaalee ture garuu baayʼeeittiinmilkaaʼuuhindandeenye. Saba (Nation) tokko gonkumaa ijaaruunhin dandaʼamu. Kana gochuu jechuun sanyii balleessuun (Genocide) raawwachuun saba tokko taasisuu jechuudha.Biyya kana keessa saboota aadaafi afaan garaagaraa qaban hedduutu jira. Isaaniin walitti makanii gara saba tokkootti fiduun ammo hin dandaʼamu. Sababnisaas saboota gurguddaa aadaafi aafansaanii gateekan ormaa fudhachuuf fedhii hin qabne hedduutu jira.Kanaaf biyya tana keessa federaaliziimii dimokiraatessuudhaan hirmaannaa saboota hundaa bifa haqa-qabeessa taʼeen itti futsiisuunni dandaʼama jedheen yaada.

GP:Itoophiyaa keessa seenaa wal-maketu jira. Inni tokko seenaa gaarii dabarsine jedha.Kan biroo immoo seenaan dabre gadhee akka taʼetti ibsu.Akkamitti walitti araarsinee waliin jiraachuun dandaʼama?

Pirof. Baqqalaa: Waan durii aabjotaa harʼaafi boru jiraachun hin dandaʼamu. Seenaa biyya kanaa irratti waliigalteen hin jiru. Akka biyyi kun ittiijaaramtegubbattis

Idaʼamuu, araaramuufi jaalala jedhee inni Abiyyi dubbate gara duubatti deebiʼamee sirni durii akka yaadamu taasise.

mormii guddatu jira. Seenaa warri mooyatebareechisee of guddisee saba biroo xiqqeessuun katabe kana hin fudhannu. Seenaa kijibaa jabina isaanii qofa dhaadhessuuf kataban waan ta'eef.Yoo danda'ame seenaa sirrii ta'e barressuudha.Kan koo fudhachuu qabda, yoo ta'uu baate si ajjeesa jedhanii walitti dhaadatuun balaa guddaa fida. Furmaanni jiru waliin mari'achuudha.Wal-dhagahuudha. Cal-jedhanii xiyyeeffannoodhaan waa xiinxalluu gaafata.Rakkoo namaa bakka ofii buusanii ilaaluu barbaachisa.Waan namni rakkate akka inni barbaadutti itti dhiyaatanii habachuu barbaaachisa.

GP:Egaa garaagarummaa seenaa akka kanaa qabaachaa Carraan Itoophiyaa fuula duraa maal ta`inna jettanii tilmaamtu? Dimokiraasii dhugoomsuuftooftaa akkamiitiin deemuu barbaachisa?

Pirof. Baqqalaa: Siyaasa keesatti waan danda'amu qofa hojjatta malee gaara gubbaa ol baatee humna kees fixattee of darartee namas dararuu hin qabdu. (politics is the art of doing possible). Kana jechuun yoo walii galte waliin hojjachuu dandeessa.Yoo walii galuu baattes waliin jiraachuun inuma danda'ama. Gareen kun maaliif na morma; maaliif walii galuu dadhabne jedhanii humnaan walitti deemuun hin barbaachuisu.

Dhugaan yoomiiyyuu dhugaadha. Yoo fudhachuu didan garuu dirqamaan nama woga'uu hin dandeessu.Akka inni sihubatu gochuu barbaachisa. Sadarkaa wal-ajjeesutti gahuu hin qabu.Seenaafimuuxannoo biyyoota adda addaa irraa akkamitti rakkoo furuun akka danda'amu barachuu barbaachisa.

GP:Sirna duriitiin wal-bira qabnee yoo laallu, mootummaan Dr. Abiyyiin hoogganamu kun gaaffii ummataa deebisaa jira jettanii yaadduu?

Pirof. Baqqalaa:

Haylasillaseen sanyii Solomoonawaa

Filannoo dhibbeentaa (100%) injifatanii paarlaamaa qabataniin ji`a tokko keessatti ummanni Miiliyoonaan bayee mormu dhagayaa turre.

jechuun of dhaadhessee bulchaa ture.Dargiinis Soshaaliziimii haa jedhu malee olaantummaa warra kaabaatiin gaggeessaa ture. Yeroo sirna Wayyaanee keessas Maqaadhaaf federaaliziimii haa jedhamu malee kan too'atu paartii tokko qofa. Sirni federaliziimii gaafilee sabummaa hanga tokko deebisee jira.Garuu har`as guutumaan guututti saboonni akka ofiin of bulchan gochuun hin danda'amne.Qabeenya ofii irratti abbaa ta'uu hin dandeenye. Har'as olaantummaa saba tokkoo deebisuuf tooftaa adda addaa jijjiiranii hojjataa jiru.Kanaafuu hanga ammaatti fedhiin saboota Itoophiyaa qixahin kabajamne.

GP:Gaaffii ummataa deebisuun maaliif dadhabame?Akkamitti fedhiin ummataa qixa kabajamuu danda`a jettu?

Pirof. Baqqalaa: Aanga'onni Itoophiyaa waan ummanni fedhu waan hubatn hin fakkaatu. Osoo hubatan ta'eeyyuu gaaffii ummataa karaa sirrii ta'een deebisuuf fedhii hin qaban jedhee shakka.Aangoo irrattis wal-dorgommiin jira.Garuu warri biyya bulchanis ta'ee, kuun waan hin margine osoo facaasuu baatanii. Fedhii uummataa biyyattii wal qixa kabajuufis, waan ummata miidhu, waan ummata gara jeequmsatti geessu dubbachuufi raawwachuu irraa of qusachuu qabu.Fedhii mataa isaanii daangessanii, seenaa gadhee dalaguu irraa of qusachuu barbaachisa.Saba kamiiyyuu keessaa haa dhufanii gaggeessitoonni jaarraa 19ffaa keessaa taa'anii sirna durii hawwanii faarsan yoomiiyyuu milkaa'uu hin danda'an. Sababnisaa seenaa akka biyyaatti waalta'e hin qabnu.Kanaafuu seenaa gadhee durii faarsuu dhiisanii seenaa gaarii galmeessuu barbaachisa.

GP: Haala Itoophiyaan keessa jirtu kana maal jechuunii dandeenya? Keessattuu Ceehumsa/transition/ haaromsa/reform/ jedhamee waan odeeffamu kanaan wal qabatee, sagaleen jijjiiramni wamtuu hin jiru jedhus ni dhaga'ama. Isinoo akka hayyuu tokkootti Jijjiiramni hin jirumoo jira jettu?

Pirof. Baqqalaa:Jijjiiramni hin jiru jechuu hin dandeenyu. Akka barbaadametti deemuu hin dandeenye. Jijjiirama karoorsuudhaan eessarraa; akkamitti

jelqabna kan jedhu sadarkeessuu hin dandeenye. Humna Olaantummaa isaanii durii Barbaadaniif hamilee ta'e.Onnee itti hore.Kanaafuu jalqaba asirratti kararraa maqe. Ida'amuu, araaramuufi jaalala jedhee inni Abiyyi dubbate gara duubatti deebi`amee akka yaadamu ta'e. Namoota jijjiirama dhugaa barbaadan mufachiisee kanneen hawwii bara durii qaban gammachiisuuf karaa bane.Kanaafuu jijjiiramni hin jiru jechuu osoo hin taane kararraa maqeera jechuu dandeenya.

GP:Itoophiyaa leellisuun sirrii miti jechuu keessan moo akkam?

Pirof. Baqqalaa:Itoophiyaa leellisuun Dr.Abiyyi waan gadhee miti. Garuu akka waan seenaan dalagamaa ture gaarii ta'etti olkaasee faarsuun warra tokko gammachiisee kaan mufachiisuun sirrii miti.Seenaan garee tokko boonsu, garee kaan akka gaddisiisaa jiru hubachuu hin dandeenye.Haasofni isaa gareen tokko seenaa gaarii hojjannee dabarre jedhanii bayanii akka iyyaniif carraa bane.Warra mooyateefi warra mooyatame ta'anii yoo walitti duulan walii galuun hin danda'amu. Araarsurra hammeessutti deemamaa jira.Namni biyya hoogganu tokko eenyuun gammachiisuuf eenyuun gaddisiisaa jira kan jedhu madaalaa hojjachuu qaba. Seenaan bifa madaalawaa ta'een ibsamuu qaba. Seenaan haarofni hunda qixa hirmaachisus galmaa'uu qaba. Seenaa dabre tuttuquunis gahee warra siyaasaa miti.Hayyoonni walaba ta'an bifa madaalawaa ta'een barreessuu qabu.

GP:Filannoowwan Itoophiyaa keessatti gaggeeffamaa turan akkamiin madaaltu? Filannoon itti aanu hoo maal ta`inna jettanii tilmaamtu?

Pirof. Baqqalaa:Filannoon gaggeeffamaa tureera.Garuu filannoon sirrii hin turre. Filannoo dhibbeentaa

Siyaasa keesatti waan danda'amu qofa hojjatta malee gaara gubbaa ol baatee humna kees fixattee of darartee namas dararuu hin qabdu.

(100%) injifatanii paarlaamaa qabataniin ji`a tokkokeessatti ummanni Miiliyoonaan bayee mormu dhagayaa turre.Kuni filannoo hin jedhamu. Kan bara 1997 A.L.H. wayyaa ture. Garuu isas yeroma sana ukkaamsanii harkatti galfatanii turan. Biyya alaa irraa deeggarsa argachuu qofaaf jecha fafakkeessaa turan malee filannoon dhugaa hinjiru.

Filannoon fuula duraa nu hunda harka jira.Dhimmamtoonni hundi irratti Xiyyeeffachuu qabu.Biyya kanatu diiggama jedhee sabni hiree ofii dabarsee kennu hin jiru. Guddummaa akaakayyuu kiyyaa deebifadha jedhanii haala kanaan itti fufnaan rakkoo guddaa keessa galuu dandeenya.Walii beekanii walii dhiisuu qofatu furmaata ta'a.

GP: Rakkoon nageenyaa Itoophiyaa kun akkamitti furama jettanii yaaddu? Keessattuu yunivarsiitiiwwan garagaraa keessatti baratttoota irratti ajjechaan raawwatamaa jiru kun akkamitti fala argachuu danda`a?

Pirof. Baqqalaa: Rakkoon guddaan Aangoodha. Namoota muraasa Aangoo korsiisanii sooromsuuf jecha dhiigni barattootaa dhangala'uu hin qabu.Gatii Abiyyi waggaa tokkoof lama Oromoo keessaa bahee aangoo qabateef Oromotu nu cunqrse jedhanii barattoota Oromoo yunivarsiitii keessatti ajjeesuun maraatuudha. Ijoollee hiyyeeyyii warri rakkatee barumsatti erge maaliif akka ajjeesan namaaf hin galu.Afaan adda addaa waan dubbataniif barattootni waliif diina ta'uu hin danda`an. Meeshaa qaamota biroo ta'aa jiru.Barataan jiruu ofii fooyyessuuf baratu haala suukanessaan osoo ajjeefamuu hamilee akkamiin biyya kana jijjiiruun danda'ama. Baay'ee nama gaddisiisa. Turus, saffisus karaa nagaan waan barbaannu argachuu inuma dandeenya,.Warri waa morminus karaa nagaan dhiibbaa geessuudha malee wal-cabsuun, wal kufisuun, nagaa booressuun ta'uu hinqabu.

GP: Turtii nu waliin taasiftaniif ulfaadhaa!

Pirof. Baqqalaa: Atis galatoomi!

Jildii 1ffaa, Lak.6 Muddee 2012

Abdii Fiixee



Gaaffiin dhalootaa Humnaanis Murnaanis deebii hin argatu!

Gaaffiin “Biyyi Kun garamitti deemaa jirti?” jedhu Yeroo ammaa gaaffii belbeltuu sammuunama hundaa keessaa killisu dha. Killisuu qofa otuu hin taane kan nama yaaddessudhas. Gaaffiin tokko qaama garaa garaan yoo irra deddeebi’amee kan dhaga’amu ta’e deebiibarbaadaa jechuu dha. Namooti yoomiyyuu gaaffii qabu. Gaaffii isaaniif ammoo yoo deebiihin arganne gaaffiin sun gaaffii biraa dhalaa bula.Yoo xiqqaate gaaffiin gaafatame maaliifgaafatame?Eenyuun gaafatame? YoomGaafatame?isajedhubaruuniyyuu gara maddarakkoo gaaffii sana dhalcheetti nu akeekuu mala.Namooti tokko tokko deebii barbaacha gaaffii gaafatu.Kaan ammoo gaafachuudhumti amalaitti taanaan gaaffii kaasu. Garii ammoo deebii isaa waan beekaniif qaama gaaffii sanagaafatan qormaata biraa keessa galchuuf gaafatu. Kaan ammoo waan ofii gaafachuun balaaitti fiduuf afaan nama biraan isa gaaffii itti ta’e gaafatu. Kanaaf gaaffiin hundi qulqulummaangaafatamu jedhee kan yaadu yoo jiraate garraamummaa natti fakkaata. Namni hundi yoogaaffii dhiheessu garaa qulqulluudhaan deebii barbaachagaafatajedhaniifudhachuunis garagaaffii biraatti namoota sana erguu mala waan ta’eef gaaffii gaafatamu keessoo isaa beekuufyaaluunis balaa gaaffiin sun qabatee dhufu irraa nama baraara.

Biyyoota Hedduu keessatti mormiin uummataa waan xiqqoodhaan jalqaba. Tarii qaala’iinsajireenyaa ta’uu

Qaamni nuti hin barbaanne erga darbee booda garuu gara fuu-la duraatti biyya waliin qabaa-chuu barbaannu ijaaruu irratti waliif galaa hin jiru

mala.Tarii boba’aan akka malee gatiin ol ka’ee ta’uu mala. Qaamni bulchiinsagubbaa jiru gaaffii uummati rakkina battala sanatti isa mudate qofa furachuuf gaafate garadabarsuuf hiikkoo biraa itti laachuun ykn tuffatee callisuun gaaffii xiqqoo sana akka teephaayaasuu mala. Kun ammoo gaaffii qaala’iinsa jireenyaan jalqabe amma sirna sanaguutummaatti balaaleffachuutti geessee biyyattii rakkoo biraa keessa gatee deebi’a. Otuuuummati guungumuu, otuu bakka hundaa mormiin dhaga’amuu callisuu fi abshaalomuunmootummaa akka fedhii fi gaaffiin uummataa dabalaa bulu yoo taasise malee fala ta’uu hindanda’u.Gaaffii uummataa humnaan ukkaamsuuf yaaluun ammoo matumaa haada mormattiof kaa’uu dha.Murnaan deebisuuf yaaluunis haquma deebichaa hanqisuu mala.

Adeemsa sirna demokraasii keessatti sirni tokko kufee sirna biraan bakka bu’uun yoo kandeggeramu ta’ellee hata’uutii garuu nageenyaa fi hegeree biyyattiif garuu akkaataa sirni sunitti kufee inni biraan dhufu murteessaa dha. Bara 2011 Keessa biyyoota Giddu galeessaBahaa keessatti mormii uummataa tureen abbootiin hirree bara dheeraaf aangoo gubbaa turandhabamanii abbootii hirree biroon bakka buufamaniiru. Kun ammoo kan ta’e warraaqsaMarsaa hawaasummaan malee wal waraansaan hin turre.
Mormii uummataa bara 2011 biyya Masrii keessatti geggeeffame adda durummaan kanqindeessaa ture dargaggeessi maqaan isaa ‘Wael Ghonim’ jedhamu biyya biraa taa’ee ergagama Marsaa Hawaasummaan eenyummaa isaa dhoksee maqaa ‘Kullena Khalid’ Ykn



OF ILAALLEE

'NutihundiKaalidi'jedhuundargaggoota ijaaree mormii sana qindeesseen booda dhuma irrattiqaamaan mormii sana keessatti argamee guyyaa 11 humnoota tikaa Hosinii Mubaarekiinhidhamee qoratamaa ba'e. Sun ammoo matumaa mormii sanaaf boba'aa ta'ee hanga HosiniiMubaarek aangoo irraa bu'anitti geessise.Hata'uutii warraaqsi sun biyyattiif demokraasiihawwame fiduufii hin dandeenye.Matumaayyuu Masriin sanaan booda tarree biyyummaakeessaa baatee hiyummaa hamaaf saaxilamte.Seera dhablummaan akka malee hammaateekanneen baqattoota daddabarsuun jireenya isaanii geggeeffatan biyyattii gabaa daldalabaqattootaa taasisan.Liibiyaa fi Masriin har'a biyya yakki akka malee keessatti hammaatankeessaa tokko.

Biyya balaaf saaxiluudhaan otuu tarsiimoo tokko lafa hin kaawatin dhandhama demokraasiiof irratti shaakaluun matumti isaa biyya diiguu dha.Waantota nuti har'a Sooriyaa, Masrii,Liibiyaa fi Yemen keessatti argaa jirru isa kanaan ala miti.Yeroo tokko tokko dhalooti otuuhin beekin abbaa humnaaf yeroo biraa ammoo murnaaf meeshaa ta'ee ijaarsa itti fakkaateediigumsa biyyaa keessatti dhakaa dhiheessa.Fedhii fi dantaan sabootaa fi murnoota garaagaraa akkasumas namoota dhuunfaa har'a biyya keenya keessatti mul'ataatti jiru gara sanattinu geessuuf mal'attoo guddaa dha.Amantii garaa garaa hordofuun, gosaa fi sabummaahedduu qabaachuun ammoo miidhagina isaan qixa dantaa jiran ballisee rakkoo nu mudachuumalaniif boba'aa biraa ta'a.

Hamaas ta'u tolaa biyyoota giddu galeessa Bahaa irraa jalqabee hanga Amerikaa 'Occopywall street' jedhamuutti, Har'a ammoo kunoo akkuma ilaalaa jirru Hong Koong keessattimormiin uummataa geggeeffamaa jiru bu'aa Warraaqsa Marsaa Hawaasummaati. MarsaanHawaasummaa bu'aa isaan qixa badii inni dhaqabsiisus guddaa ta'uu isaa ammoo biyyakeenya keessattuu kan argaa jirru dha. Abbaa Hirree tokko Marsaa Hawaasummaan duulairratti bantee erga kuffistee booda, fedhaa fi hawwii kee sana Marsaa Hawaasummaa irraalafatti gadi buuftee ittiin biyya ijaaruun akka warraaqsa Marsaa Hawaasummaa sana hinsalphatu. Matumaayyuu kan duraa caalaa biyya seera dhablummaa keessatti gatuu mala waanta'eef yaalii biyyooti biraan keessa darban biyyoota kaaniif muuxannoo gaarii ta'uu malu.

Sabooti garaa garaa, kanneen amantii addaa addaa hordofaniif ilaalchaanis gar gar ta'an gaafadiina waloo irratti duulan galii tokko qabaachuu malu. Hata'uutii diina sana erga kuffisaniibooda sirna akkamii ijaarra isa jedhu irratti matumaa akka salphaatti walii hin galamu. Kanaammoo 'Wael Ghonim' nuu dhugoomseera. Warraaqsa Marsaa Hawaasummaan geggeesseebulchiinsa Hosnii Mubaarekiin erga aangoo irraa buuseen waggaa muraasa booda gaaffii fideebii gaazexaa New York times waliin taasiseen Marsaan Hawaasummaa haguma namawalitti fidee kaayyoo tokko jalatti hiriirsuuf humna guddaa qabu biyya diiguuf ammoo human sana caalu qabaachuu isaa nuu ibseera.

Bara 2011 namoota 100 addunyaa keenya keessatti dhiibbaa guddaa uuman jedhamuunbadhaafaman keessaa 'Wael Ghonim' nama tokko ture. Akka nama gama MarsaaHawaasummaan Mormii uummataa geggeessee mootummaa abbaa Hirree aangoorraa buusetokkootti muuxannoo isaa gaazexaa The New York Times jedhu kanaaf ibsee ture. Yerootokko akkas jedheen ture. "If you want to liberate a society, all you need is the Internet"Hawaasa bilisomsuu yoo barbaadde waanti si barbaachisu Interneeta qofa" Yaada jedhudubbadheen ture. Har'a garuu sun dogoggora ta'uu bareera jechuun akkas jedhe Wael. "TheSame tool that united us to topple dictators eventually tore us apart" Abbaa Hirree kuffisuufmeeshaa nu tokkoomsetu deebisee addaan nu hire" jedhe yoo gaabbii isaa dubbatu.

Isa kana gara biyya keenyaatti yoo as deebisnu miira kaleessa 'Wael' jedhu kana keessa jirra.Kaleessa abbaa hirree kuffisuuf tokkummaan Marsaa Hawaasummaa kana gubbaa ture waanaddaati.Qaamni nuti hin barbaanne erga darbee booda garuu gara fuula duraatti biyya waliinqabaachuu barbaannu ijaaruu irratti waliif galaa hin jiru. Saboota biroo qofaan otuu hin taaneadda addummaan ilaalchaa nu gidduu jiru matumti isaa adda addummaa nuti saboota biraanqabnu irra yoo caale malee sanaa gadi miti. Har'a biyyi Itiyoophiyaa jedhamtu haada abdii fisodaatti rarraatee of irratti mugaa, birrachaa deemaa jirti.Abdii murannaan dhalootaa, duutibaayyachuun yaaddoo isa guddaa dha.Yeroo kam caalaa namooti garaa walitti jabaachuun,wal balleessuuf wal gaarreffachuun, Seer - dhablummaan akka malee jabaachuun abdiibiyyattiin qabdu gubbaa gaaddidduu dukkanaa buusee jira.


Fedhii fi Hawwiin keenya baayyee dha. Humni nuti qabnu garuu murtaa'aadha. Kan waatokko mormu lakkoobsa hin qabu.Kan komatu hedduu dha.Kan fala dhahu garuu hin jiru.Waantota wal nu fakkeessan hedduu otuu qabnuu adda addummaa keenya ishee xiqqoo irrattiwaan fuullefannuuf otuu waliif hin galin addaan facaana.Paartilee siifan dhaabbadhe jedhanhedduu qabna. Hunduu garuu mul'ata tokko qabatanii karaa kuma nutti dhufu waan ta'eef kannuuf ta'u wallaalleerra. Gariin

isaanii adda addummaa Hooggansaa malee garaa gartummaamul'ataa waan hin qabaanneef eenyu akka dhugaaf dhaabbate beekuun nu dhibeera. Diinotikeenya qaawwa keenya kana waan beekaniif haasaa xiqqoo darbatanii yaada keenya gar garbittimsu. Tarkaanfii lama gara fuula duraatti yoo tarkaanfannu tarkaanfii

Gara fuula 22tti naannaeera

“FILANNOON DHUFAA JIRU KUN OROMIYAAF YEROO RIFARANDAMII TA’UU QABA”

Obbo Jawaar Mohaammad



Akkam jirtu nageenyi badhaadhaa? Haala yeroofi tirawwan tibbanaa waliin wal qabatee, yaadaafi akeeka hayyuu tokkoo kutaa kana jalatti kan isiniif qoodnu ta’a. Tirawwan tibba darban keessatti raawwataman maali, garamittis nu geessu? Yaada jedhaniinf afgaaffii bal’aa xiinxalaa siyaasaafi daarikteera OMN kan ta’e Obbo Jawaar Muhaammad waliin goonee jirra. Keessattuu wal ga’ii inni diyaaspooraa Oromoo biyya Ameerikaa keessa jiraatan waliin godhe irratti yaada inni dubbate, gama filannootti hirmaachuudhaanis maal akka isa kakaaseefi haala kamiin akka hirmaatu addatti xiyyeeffanneerra. Yaadaafi akeeka Jawaar nuuf qoodes akka gadiitti dhihaatu. Lalisaa Indiris Adamtu haasofsiise. Itti dhihaadhaa!

- Dursa baga nagaan gara Oromiyaatti deebite siin jechaa, gaaffiin keenya jalqaba dhimma deemsakeefi marii Diyaaspooraa Oromoo waliin taasisaa turterraa haa jalqabu. Dhimmi maree ati karoorfattee kaate, ‘jalqaba ‘Oromoo First’ itti aanee ‘Oromo Protest’ kan alanaahoo maal haa ta’u?’ yaada jedhu ture. Mee kan alanaa yookaan kan keessa jirruu kun maal haa ta’u yaada jedhurratti waliif galtan?

Jawaar Muhammad: Egaa yeroon biyya alaa jiraachaa turetti qabsoo Oromoo biyya keessaa tumsuuf duula garaagaraa gochaan ture. Keessattuu yeroo jalqabaaf biyya alaa yeroon deemetti utuu ji’a lama achi hin turinan waldaa Dargaggoota Oromoo ijaare. Duula dursaas dargaggoota Oromoo ala jiraatan waliin eegalle. Ijooleen Oromoo yeroo ammaa biyya alaa keessatti sochiilee gurguddaa gochasa jiran hedduunsaanis ijoolleewwan yeroo sana waldaa sana keessatti waliin leenjii fudhachaa turreedha. Sana boodas walumaan taaneetu sochii qabsoo Oromoo tumsu akkaataa garaagaraan raawwachaa turre. Isaan keessaas ‘Oromo First’ ergasii as ammoo ‘Oromoo Protest’ jechaadhuma dargaggoota biyya keessaas dabalannee duula guddaa godhaa turreerra. Ammahoo qabsoon Oromoo maal ta’uu qabaa? Shorri Diyaaspooraahoo haala kamiin adeemuu qabaa? Yaada jedhurratti mari’achuudhaaf garasitti adeemeen

→

ture. Fuulleffannaan marii keenyaa inni guddaan ammoo uummatni keenya kan biyya alaafi biyya keessa jiru filannoo dhufaa jiru yoo haala kamiin hirmaate bu'aa buusuu danda'aa? kan jedhu ture. Filannoon itti adeemaa jirru kun baayyee murteessaa akka ta'e; injifannoo hanga ammaatti arganne eegsisuudhaafis ta'e injifannoo haaraa galmeessuudhaaf carraa filannoo dhufaa jiruutti fayyadamuu akkaataa dandeenyurratti mari'achaadha turre. Murteen keenyas ammoo filannoo dhufurratti injifannoo Oromoo argamsiisuuf hojjechuu akka qabnu ture.

- Kanaaf filannoo dhufaa jirturrattis hirmaachuu akka qabdu murteessiteettaa jechuudha?

Jawaar Muhammad: Eyyeen! Garuu ana qofa utuu hin ta'in uummatni keenya addunyaarra faca'ee jiru martinuullee bifa hundaan hirmaachuu akka qabu, kan kaadhimamaa ta'ee hirmaachuu danda'u, ala taa'ee eeguurra itti seenee akka hirmaatu; kan deggeraa /filataa/ ta'u dursee qophee raawwachuu akka qabu; kan dabballee ta'ee uummata kakaasus ammaan itti qophaa'uu akka eegalu akkasumas kan qabeenyaadhaan bira dhaabbachuuf humna qabus of kennee bira akka dhaabbatu, sagalee kennuudhaanillee uummatni keenya kallattii hundaa akka filannootti hirmaatuu qabudha kan waliif galame.

- Asirratti wanti akka ifa nuuf ta'u barbaadnu, ati waltajjii sanarratti akka dhuunfaatti filannoo biyyaalessaa bara kana geggeeffamurratti akka hirmaattus dubbattee turte. Yaadni ati kaaste kuni filadhee /sagalee kenneen/ hirmaadhaadhamoo filannootti kaadhimamaa ta'ee dorgomeen hirmaadhaa turee? Yoo kaadhimamaa taatee dhihaatta ta'e ammoo qofaakee akka dhuunfaattimoo paartii haaraa hundeessitee dorgomuu yaadde?

Filannoon dhufaa jiru kun Oromiyaaf yeroo rifarandamii ta'uu qaba; yoo kanaachi kan jarri jalqabarratti diiguuf yaadan Oromiyaadha"

Jawaar Muhammad: Akkam akka goonu ilaalaadhuma jirra. Irra caalmaatti ammoo ani filannoo kana keessatti wantin akka hirmaadhuuf na murteessise inni dursaa, ejjennoon Oromoo, carraaqqiin qeerroo Oromoo iddoo hin taanetti akka hin hafne; bakka isaaf malu argachuu akka qabuufani. hooggansi yaadaafi qabsoo Oromoo ni ceesisa jennee abdannee turre amma abdanne deemaa waan hin jirreef filannoon dhufaa jiru kun fedhiifi dantaa Oromoo calaqqisiisuu akka qabuuf, anis dhageettiifi dandeettiin qabuun humna Oromoo sirriitti cimsee, dantaafi fedhiin sabakoo mormii filannoo dhufaa jiruu keessatti cimee ba'uu akka qabuuf hojjechuu murteesseeni.

Sana qofaas miti; sabaafi sablammoonni cunqurfamoon biyya kanaa falmaa guddaa godhanii jijjiirama fidaniiru. Haa ta'u malee, yeroo ammaa kanatti garuu, mirgasaan qabsaa'anii argatanitti duumessi itti marsuu eegaleera. Kanaaf namoonni akka kiyyaa kan mirga sabootaaf qabsa'aa turre filannoo dhufaa jiru keessatti hirmaannee ejjennoon yookaan ilaalchi sirna federaalizimii waliin wal qabatu gabaarratti dhihaatee akka injifatuuf qabsaa'uu murteessine. Paartii kam keessatti akkan dorgomu yookaan ammoo bifa kamiin akkan dorgommiitti dhihaadhu hooggantoota siyaasa Oromoo garaagaraan wal mari'achaa jirra waan ta'eef yeroo gabaabaa keessatti kan beeksifnu ta'a.

- Mee gara waltajjii mare Diyaaspoorota waliin gochaa turteettan si deebisa. Bakka mare sanatti keessattuu galma mariin keessatti geggeeffamu fuulduratti mormiin garaagaraa habashootaan si mudachaa tureera. Mormii achitti si mudate sana akkamiin ilaalta? Ati dhuguma namasaan jedhan sanaa?

Gara fuula 34tti naannaeera

OF ILAALLEE

Fuula 19 irraa kan naanna'e

afur gaadinee boodatti wal harkifna. Yaada sassaabbannee 'Maaliif kun ta'e' Jennee garuu of hin gaafannu.

Yaada irratti wal falminee isa fooyya'aa filachuurra maqaa wal balleesinee wal fudhanneebaduutu nuuf salphata. Isa ani jedhe qofatu sirriidha jennee waan amannuuf yaada nama biraakeessummeessuun du'a nutti ta'a. Yaadaan injifatamuun du'a caalaa nutti jabaata.Teenyeeyaadaan wal falminee wal moonee waliin tarkaanfachuurra maqaa walitti moggaafneefageenya irraa quba walitti qabaa wal abaaruutu irra nuuf tola.Har'a walii gallee borii keenyaijaaruurra kaleessa gubbaatti rarraanee gaabbii hooqqachaa jiraachuun amala nutti ta'aadhufeera. Yeroo tokko tokko ni mormina malee maal akka morminuuf

maaliif akkamorminullee hin beeknu. Kanaaf namoota fedha aangoo qaban ykn murnaaf qaboo (Hostage)taanee jiraanna.

Garaa gartummaan keenya guddatee otuu hin taane yeroo baayyee tarsiimoo nutigaraagartummaa keenya itti furannutu addaan nu diiga.Daandii nuti irra ceenee dhufne har'ajiraachuu isaa otuu hin mirkaneeffatin karuma kaleessaarra deemna jennee otuu wal falminuuyeroon keenya gubata. Galma tokko qabaannee walii galuu dhabuurraan otuu marsaanaannofnuu nutti dhiha. Inni kaan fira isaa, garii ammoo nama ganda isaatii jalatti barcumatiksuuf otuu maqaa waliif baasuu aduun gabrummaa meeqa baatee meeqa nutti dhiiteetti.
Dheengadda Baaroo Tumsaa, Muhee Abdoo, Abboomaa Mitikkuu, Maammoo Mazammir,Abdullaah Ganamoo, Lubi Guddinaa Tumsaa maaliif akka kufan, eessatti akka kufaniifeenyu akka ta'an sirriitti yaadanna. Har'a garuu duuti salphatee eenyu eessatti maaliif akkakufe adda baafannee beekuu sadarkaa dadhabnee

Duuti salphatee eenyu eessatti maaliif akka kufe adda baafannee beekuu sadarkaa dadhabnee reeffi lakoobsa ta'e gubbaa ga'aatti jirra.

reeffi lakoobsa ta'e gubbaa ga'aatti jirra. Dheengadda wareegamtooti Oromoo ganda hundaa keessatti wareegaman gootota hundakeenyaa turan.Har'a garuu adda addummaan hammaatee qofa qofaa waan gootota horataajirru fakkaata.

Kun maaliif ta'e?

Deebiin kanaa tokkoof tokko qofa. Yeroo kam caalaa yaadaan walirraa fagaanneerra.Kaanbilisoomeera jedhee sammuu bilisummaan yoo laphee dhiibee dantaa ofii tikfachaa seenessabiraa seenessu garii ammoo har'ayyuu Koomaandi Poostii jala jira.Hiddi dhiiga eenyummaakeenyaa yoo walitti nu hidhee jiraatellee ilaalcha yaada keenyaan garuu daran walirraafagaannee deemaa waan jirruuf qofa qofaa du'aa jirra. Kun ammoo kan har'a tasa dhalate otuuhin taane sanyii kaleessa alagaan nu keessatti facaasee darbetu biqilee ija godhachaa jira. Har'a gudunfaa kana hiikuu yoo hin danda'in gaafa alagaan nurratti duulu tokkoomuunkeenya qofti tokko nu hin taasisu. Wal sossobuu fi wal gowoomsuu dhiifnee akka sabatokkootti tarsiimoo ittiin sabi keenya ifa argu irratti waliin hojjechuudhaa yoo baanne yerookam caalaa hegereen keenya dukkana. Har'a sagaleen namoota addaan nu qoodanii wa'itaakka malee haga'amu kanatti namooti yaada gaarii qaban hedduun callisuu akka furmaataattiilaalaa jiru.

Murnooti xixiqqaan ykn ammoo namooti dhuunfaa dhageettii qaban Mootummaa biyyabulchuu fi uummata gidduutti luba ta'anii mul'achuu jalqabuun biyyattii gara kufaatiittihariifachiisaa jira. Dhiifama waliif gochuu, Idaa'amuu fi waliin jiraachuu guyya guyyaanfaarfatamaa oolu caalaa wal sodaachisuu, wal akeekachiisuu, walitti dhaadachuu fi walgaarreffachuun hundee gadi fageeffachaa jira.Har'a waantota nuti furmaata ta'u jennee biyya keenya keessatti tarkaanfachiisnu hundimadda garaa gartummaa keenyaa ta'anii mul'ataa jiru.Murni tokko ka'ee tasgabbii, haqaa finageenyi biyya kana keessa akka jiraatuuf waliin hin hojjennu yoo ta'e hiree Yugoslaaviyaatunu eeggataa jedhee uummata doorsisuu yaala. Maaltu furmaata yoo jedhan ammo Fedraalizimii waanta jedhamu kana diignee gara lammummaatti jijjiiruu qofaatu furmaatafilannoo hin qabne jedhee walitti dhufeenya amma tokko turteyyuu matumaa gar garfageessee deebi'a. Kaan ammoo Fedraalizimii diiguun tasa kan hin yaadamne, kun ilaalchawarra sirna durii nutti deebisuuf hamuummataa jiruuti jedhee fiixee gam kaanii ijaajjeedhaadata. Kan yaadota wal irraa fagaatan kana walitti fidu, qaamni ilaaf ilaameetti amanudhabamuun ammoo garaa gartummaa

yaadaa kana gara jibbiinsaatti ol guddisee sadrakaagamaa fi gamana ijaajjinee sabummaan wal abaarru gubbaa geenyee jirra.

Humni biraan qaama wal gaarrefannaa sabootaa kana dantaa ofiitiif itti dhimma ba'uutumadda rakkoo ta'aatti jira.Kun ammoo namoota dhuunfaa, murna ykn ammoo dhaabas ta'uumalu. Har'a qaamoti calleensa uummataas ta'e gaaffii uummataa yeroo eeggatanii garabu'aatti shalagatan daldaltooti siyaasaa bakka hundaatti uumamuun biyyattiif Fanjii yerooeeggatee dhohu ta'ee bakka gariitti lubbuu namootaa irratti balaa gurguddaa dhaqabsiisuucaalaa biyyattiin akka seeraan hin bulle taasisuu irratti ga'ee guddaa qabaachaa jira. Isaan kundhugaa qabatamaa lafa gubbaa jiru uammatichatti himuurra miira uummatichaa xuxuqataniiwaan sabi kun dhaga'uu barbaadu qofa itti himuun gara ofii barbaadanitti oofu. Har'abiyyattiin Murnoota siyaasaa garaagartummaa siyaasaa qaban caalaa qaboo (Hostage) namoota dantaa dhuunfaa barbaadanii keessa seentee jirti.

Biyyattii keessa gaaffiin sabootaa kan hin deebi'in hedduutu jira. Bakkeen garaa garaakeessatti ammoo hokkarri mul'atan, guyya guyyaatti namooti ajjeefamuun, saamichii firakkoolee biroon mul'ataa jiran biyyattiin waan mootummaa hin qabne fakkeessu. Magaalotagarii keessatti yeroo kam caalaatti namooti nagaan ba'anii galuu yaadda'aa jiru. Rakkooleeguyya guyyaatti dhalataniif Mootummaan furmaata soquu caalaayyuu ibsa ga'aa itti laachuuhanqachuun ammoo shakkii fi yaaddoo guddaa keessa nama gata. Gaaffiin uummataadeebi'uu hanqachuun, otuu uummati mata duree biraa keessa jiruu mootummaan mata dureebiraa haasa'uun garaa gartummaa uummataa fi Mootummaa jidduu jiru akkaan ballisaa jira.

Rakkoo qofa haasa'uu malee yaada furmaataa dhiheessuu hanqachuun ammoo akka hunduuhegeree biyyattii irraa abdii kutu taasisaa jira.Yeroo kam caalaattuu sabooti gurguddaan biyyattii keessa jiran yaadaa fi fedhiin gar-garfagaataa deemuun biyyattiif yaaddoo isa angafa.Gaaffiin uummata Amaaraa fi gaaffiinuummta Oromoo tasa walitti hin dhufu.Hata'uutii gaaffilee waliin hidhata qaban garuu deebiigaraa garaa barbaadan gaafachuun garaa gartummaa saboota kana jidduu turan akka maleeballisaa jira.Gaaffii abbaa biyummaa Finfinnee Oromoon dhiheessu Amaara Gondor jiraatubiratti akka biraatti ilaalamuun danqaa siyaasaa uumaa deemuu caalaa saboota gurguddaakana lamaan keessatti madaa guddaa dhiisee gara maatii diiguutti gadi bu'uu mala.

Miidiyaaleen madda furmaataa ta'uu caalaa madda waldhibdee ta'aa dhufuun ammoo rakkookan biraadha. Yaadota ijaaroo ta'an caalaa yaadoti diigoo ta'an uummata biratti dhageettiiguddaa waan qabaataniif Miidiyaaleen hordoftoota baayyee horachuuf yaada diigaa qabataniiba'uu irratti daran dadhabu. Keesumaa Marsaaleen Hawaasummaa akka Facebook fi Youtubekaffaltii isaan kanneen hordoftoota hedduu qabaniif kaffalan guddaa waan ta'eef namnuu ittigaafatamummaan otuu itti hin dhaga'amin hordoftoota baayyee horachuuf jecha oduu sobaasaboota gar-gar diiguu danda'anii fi garaagartummaa hammeessan dhiheessuunamaleeffatamaa dhufeera. Miidiyaaleen saboota bakka bu'anis mirga saba keessaa ba'aniiqofa tiksuuf jecha gabaasa isaan dhiheessan saboota isaan bakka buuna jedhan keessatti haloba'umsa uumee gara wal irratti finciluutti geessuu jalqabuu isaa argaatti jirra.

Sabooti garii kan dhaga'uu barbaadan waa'ee ofii isaanii qofa malee waa'ee ollaa isaaniihomaa tokko hin yaadan. Kun ammoo yoo matumaa gabrummaa hammeesse malee garabilisummaatti nu hin geessu.Marsaan Hawaasummaa kaleessa kaayyoo tokko jalatti walittinu fide har'a ammoo madda wal dhabdee keenya ballisuuf Meeshaa guddaa ta'ee nu tajaajilaajira.Namoota Facebook fi Youtube gubbaa ta'anii oduu sobaa omishaniif madda galii taaneebiyya ammoo balaa gubbaa buusaa jirra. Har'a barreesitoota jajjaboo dhalootaaf faladhiheessan caalaa kanneen moggaa gam tokkoo qabatanii garaa gartummaa afarsantuhordoftoota hedduu qaba. Furmaata otuu hin dhiheessin garee qabachuu qofti qabsoo nuttifakkaataa jira.

Gama kaaniin waa tokko dhiibnee itti seennee ilaaluurra fagoo ijaajjinee abaaruutu yeroogabrummaa nutti dheeressaa jira. Hoggayyuu waan moggaa sana jiru ofii itti deemneeilaaluuf karaa soquurra hanga afeeramnutti eeguun keenya diinota keenyaaf karra saaqeenuun diidatti nu hanbisaa jira. Fakkaannee itti siqnee dhiibuurra kadhatamnee itti dhaquutukabajaa nutti fakkaata. Isaan kaan dantaa ofiitti jijjiirrachuuf yoo haalota dhiibanii ittiseenuun kan ofii taasisuuf carraaqan nuti garuu fageenya irraa cilee itti dibnee injifannookeenya dabarsinee alagaaf laannee yoo alagaan taa'ee nyaatu nuti ammoo wal irratti duuluutuqabsoo nutti fakkaata.

Yeroo kam caalaatti yaada 'Yoo anaa wajjin hin jirre gama kaan jirta' jedhuun dhuunfatamneewal diinomsuu malee karaa keenyaa fi karaa nama biraa gidduu karaan jiru nutti hin mul'atu.Namni tokko yaada dhuunfaa isaa qabaachuu mala jennee yaaduurra 'Murna kootti makateeanaa wajjin deemuu qaba, Kanaachi ammoo diina!' jennee irratti duuluun waan hawaasakeenya keessatti amaleeffatamaa dhufeef gaaffiin keenya otuu deebii hin argatin nutis otuuguyyaa tokko haara hin galfatin isa gaafannuuf dhaloota aarsaa gochaa jiraachuun itti fufeera.Kun bakka ta'etti dhaabbachuu qaba.Gaaffiin uummataa ilaaf ilaameen malee HumnaanisMurnaanis akka deebi'uu hin dandeenye beekuutu nurra jiraata. Gaafa akkasiin yaaduujalqabnu gaaffiin "Biyyi kun garamitti deemaa jirti?" jedhus deebii argata!

Jildii 1ffaa, Lak.6 Muddee 2012

Dassee Alex



YAADAAFI SABABEESSA (ARGUMENT) Kutaa 2ffaa

Yaada keenya akkamiin dhiyeeffachuu qabnaa?

Kutaa jalqabaa keessatti hayyuun falaasamaa biyya Giriis Aristootil "Namni bineensa sababeessaadha (Man is a rational animal)" akka jedhu, nama wantoota bineeyyii biraarraa adda baasan keessaa dandeettiin yaaduufi sababeessuu isaan hangafaa akka ta'aniifi Sababeessuun ammoo dandeettii yaada ykn ilaalchaafi amantaa ofii bu'uura sababaafi sababawaa ta'erra dhaabuuti akka ta'e ilaallee turre. Sababeessuun dandeettii sababa qofarratti hundaa'uun qabxii tokkorraa ka'anii qabxii biraarra gahuufi dandeettii murtoo ofii keessa miirri akka hinseenne gochuuti. Akkasumallee bu'uurri wan hundumaa yaada ta'uusaa- wanti hunduu yaadarraa akka jalqabuufi namni tokkos waanuma irra deddeebi'ee yaadu akka dubbatu, aaka hojjetuufi akka ta'u ilaalleerra. Gaarumaafi yarummaan, xinneenyiifi guddinni jireenya namaa yaada namichaarratti waan hundaa'uuf namni yaadasaa- waan yaaduufi akka itti yaadu eeggachuu akka qabu ilaallee turre. Wantoota akkaataa namni itti yaaduufi dandeettii yaaduu namaa qaran keessaa barnooti loojikii tokko akka ta'eefi kanumaa wajjin walqabsiifnee matadure "Yaada namaa akkamiin madaalla?" jedhu jalatti qabxiilee muraasa kaasnee ilaallee turre.

Qabxiilee matadure kana jalatti ilaalle keessaa muraasni: Yaadi nama tokkoo madaalamuu kaninni qabu ija yaadaafi loojikii qofaan ta'uu akka qabu; sirrii ta'uufi ta'uu dhabuu yaada tokkoo keessatti maalummaan nama dubbatee osoo hintaane guduunfaasaa ittiin deggeruuf sababanni dhiyeeffate jalqabarratti ilaaluu akka qabnu; yaada kamiinuu yeroo madaallu murtoo keenya keessa miirri- kan akka miira gammachuufi gaddaa, jaalalaafi jibbaa, fedhii namoota duratti fudhatamuufi jaalatamuuf qabnufaa- akka hinseenne eegachuun barbaachisaa akka ta'eefi gareen yaaduu dhiisuun murteessaa ta'uusaa ilaalleerra. Kutaa lammaffaa kana keessattimmoo yaada ofii keenya bifa loojikaawaafi amansiisaa ta'een akkamiin dhiyeeffachuu akka dandeenyu ilaalla.

Yaada keenya akkamiin dhiyeeffachuu qabnaa?

Namni kan yaada dhiyeeffatu sirrii ta'uu ykn dogoggora ta'uu yaada ykn gocha tokkoo nama amansiisuuf akka ta'e dursinee beekuu qabna. Waa nama amansiisuu keessammoo waa lamatu jira. Tokko, waan waa'eesaa nama amansiisuu barbaadnu gaafa ta'u, lammati ammoo sababa ittiin waan waa'eesaa nama amansiisuu barbaadnu sana deggerruudha. Fakkeenyaaf, waa'ee hannaa dubbataa jirra haajennu. "Hanni dogoggora" yoo jenne, himi kun guduunfaa yoo ta'u, waan waa'eesaa nama amansiisuu barbaadnudha jechuudha. Gaafa "Hanni dogoggora" jennee nama tokkotti himnu, gaaffiin namichi itti fufee nu gaafachuu danda'u inni jalqabaa "Maaliif jette" kan jedhu ta'a. Gaaffii sababasaa baruuf gaafatamu jechuudha. Ammagaa sababa guduunfaa keenya isa "Hanni dogoggora" jedhu ittiin deggerru dhiyeeffanna jechuudha. Yaada bu'uuraa waa'eesaa nama amansiisuu barbaadnu-Guduunfaa- fi sababa ittiin yaada keenya bu'uuraa nama amansiisuu barbaadnu sana ittiin deggerru- Sabragaa- qabna jechuudha. Kun adeemsa bu'uuraa yaada ofii karaa loojikawaa ta'een ittiin dhiyeeffannudha. Akkaataan dhiyeeffannaa yaadaa salphaatti nama amansiisuu danda'uufi loojikawaa ta'e hunduu bifa bu'uuraa kana qabaachuun dirqama. Guduunfaafi Sababni ykn ragaan

→



yaadi guduunfaa keessatti ibsame sun ittiin degggeramu dhiyaachuu qaba jechuudha.

Amma egaa Sabragaafi Guduunfaa eega qabaannee, qabxiin murteessaan hafe kan biraan kan fudhatama argachuufi dhabuu yaada dhiyeeffachaa jirruu murteessu qabiyyee Sab keenyaati. Yaada tokko sobummaasaas ta'e dhugummaasaa mirkaneessuuf Sabragaan (sababniifi ragaan) jiraachuunsaa murteessaa akkuma ta'e, qabiyyeen Sabragaa keenyaas yaadicha mirkaneessuufi mirkaneessuu dadhabuu keessatti murteessaadha. Sabragaa qabachuufi qabiyyee sabragaa keenyaaf xiyyeeffannoo kennuutti dabalataan hidhatni sabragaa keenyaafi guduunfaa keenya gidduu jiru qabxii xiyyeeffannoo barbaadu isa biraati. Qabxiilee kana sadan walitti qabnee armaan gaditti yaadota waliigalaafi qajeelfamoota waliigalaa yeroo yaada dhiyeeffadhu yaadni keenyaa amansiisaafi loojikaawaa akka ta'uuf hordofuu qabnu gababsinee kaasnee ilaalla.

Jalqabarratti, yeroo yaada dhiyeeffannu jechootni yaada keenya ittiin ibsannu jechoota Miiribsoo ta'an akka hintaane eeggachuu qabna. Jechoota Miiribsoojechoota beekumsaafi odeeffannoo dabarsuuf osoo hintaane miira ittiin ibsuuf fayyadamnu jechuudha. Jechootni akkanaa wanti tokko maal akka ta'e kan ibsan osoo hintaane miira nuti waa'ee wantichaa qabnu kan ibsaniidha. Fakkeenyaaf, "Finfinneen magaalaa guddittii Oromiyaati" yoo jenne, hima kana keessatti kan ibsamaa jiru waa'ee magaalaa guddittii Oromiyaa, ykn ammo waa'ee maalummaa Finfinneeti. Jechootni himicha keessatti fayyadamne hundis jechoota miiribsoo hintaanedha jechuudha. Gama biraan, fakkeenyaaf namni tokko "Jireenya Finfinnee keessaa baay'een jaaladha" yoo jedhe, as keessatti namni kun waa'ee Finfinnee ykn waa'ee jireenya Finfinnee keessaa odeeffannoo wayii nuuf kennaa jira osoo hintaane, jireenya Finfinnee keessaa ilaalchisee miira akkamii akka qabu nutty himaa jira jechuudha. Kanaaf, jechi "jaaladha" jedhu jecha miiribsoo ta'a. Egaa yeroo waa'ee waan tokkoorratti yaada keenya ibsannu hamma danda'ametti jechoota miiribsoo ta'an kan akka jecha "jaaladha" jedhu fakkeenya ammaa keessatti ilaallee fayyadamuu hinqabnu jechuudha. Loojikii ykn falaasama keessatti jechoota miiribsoo ta'an fayyadamuu hinqabnu kan jedhamuuf, jechootni akkasii miira nuti waa'ee waan tokkoo ykn waa'ee yaada tokko qabnu qofa ibsuu malee waan wantichi ykn yaadichi qabatamaatti ta'e hinibsan waan ta'eefi. Jechootni miiribsoo ta'an yeroo baay'ee kan nama mufachiisuu danda'anis waan ta'aniif utuu nama hinmufachiisin yaada ofii ibsachuuf jechoota kanneen adeemsa sababeessaa keessatti fayyadamuu dhiisuun gaariidha.

Guduunfaa yaada keenyaa sababa jabaadhaan akka deggeramuuf tooftaan gargaaramuu qabnu Walfakkoo laafaa fayyadamuu dhiisuudhaani.

Namootni baay'een yaada dhiyeessan deggeruuf sababa gahaa gaafa dhaban jechoota miiribsoo ta'an fayyadamanii akka namootni waa'ee sababa gahaa dhiyeessuu dadhabuusaa dagatan taasisuun nama jala darbuu barbaadu. Yeroo akkasii namni beekumsa loojikii gadifagoo qabu, ykn barreeffama kana namni dursee dubbise, faana dhahee "inni kaan akkuma jirutti hataa'uuti, mee sababa akkas jetteef natti himi" jedhee gaafatee namicha saaxiluu danda'a. qabxii kanaa kutaa sadaffaa keessatti akkan itti deebi'ee isiniif balballoomsu asumaan waadaa seenaa, ammaaf garuu yeroo yaada keessan ibsattan ykn yeroo sababeessa (argument) dhiyeeffattan jechoota miiribsoo ta'an akka hinfayyadamne irra deebi'ee isin yaadachiisuun barbaada. Hidhatni nuti guduunfaa keenyaafi sababoota keenya gidduutti uumuu qabnu



Waa'ee Keenya

hidhata miirawaafi miirarratti hundaa'e osoon taane hidhata sababawaafi sababrratti hundaa'e qofa ta'uu qaba.
Inni lammaffaan, sababootni nuti dhiyeessinu guduunfaan keenya akka soba hintaane gochuu akka danda'anitti eeggannoodhaan dhiyeeffachuudha. Wantoota sababa keenya nu jalaa laaffisaniifi guduunfaan keenyaakka soba nu jal;aa ta'u taasisan keessaa muraasa akka itti aanutti ilaalla.

Yaada ofii nama amansiisuuf sababa jabaa namni gaaffii irratti hinkaasne, ykn sababa jabaa namni salphaatti nama jalaa hinkuffifne dhiheeffaachuun barbaachisaadha. Sababa akkasii dhiyeeffachuuf ammoo qajeelfamoota armaan gadii hordofuun murteessaadha. Qajeelfamoota kana keessaa inni tokko yeroo sababeessa dhiyeeffannutti dimshaashessa irraa fagaachuudha. Dimshaashessa jechuun ragaa xiqqoorratti hundaa'uun waa'ee guutummaa waan tokko guduunfaarra gahuudha. Fakkeenyaaf, garee miseensa shantama qaburratti qorannoo geggeessuuf yaaddee, garee sana keessaa miseensa 10 filattee itti dhiyeenyaan isaaniin xiinxaltee amaloota isaan kudhanii kanarratti argiterra dhaabachuun waa'ee warra afurtama hafanii bifa walfakkaataan kan guduunfitu yoo ta'e guduunfaankee carraan soba ta'uusaati waan jiruuf yaadakee salphaatti nama amansiifachuun sitti ulfaata. Yaada ofii dimshaashessarratti hundaa'anii dhiyeessuunis ofumaasaayyuu dogoggora. Guduunfaan dimshaashessarratti hundaa'amee irra gahamus yeroo hunda carraa soba ta'uu qaba.

Kanaaf yeroo yaadakee dhiyeeffattu, "Namootni biyya akkasii silas gadheedha/gaariidha", "Namootni amantii akkasii hordofan durumaa gaariidha/gadheedha", "Namootni waan akkasii baratan silas akkasi/akkana" kkf jedhanii raga namoota murtaa'oo qabanirratti hundaa'anii guduunfaa kamirrayyuu gahuun sirrii miti. Yaadi akkasiis namota barataniifi seera sababeessaa beekan biratti fudhatamuu dhaabuusaa caalaayyuu namootni kun bifa salphaan yaada akkasitti dhiyaatu hanqinasaa saaxilanii guduunfaan irra gahame soba ta'uusaa agarsiisuu danda'u. Sababnisaas, fakkeenyaaf, namni tokko "Namooti ganda sanaa silas hundishee gantuudha" jedhee waa'ee namoota naannoo tokkoo kumaataman lakkaawamanii namoota gantoota muraasa argee beekurrati hundaa'ee dimshaashessee gaafa dubbatu, salphaamatti nama ganda sanaa kan garuu gantuu hintaane tokko qofa maqaa dhahuudhaan guduunfaan/yaadi namichaa soba akka ta'e agarsiisuun salphaadha waan ta'eef. Walumaagalatti, yaada ofii gaafa dhiyeeffatan dimshaashessarratti hundaaa'uu dhiisuun waan waa'eensaa dubbatamaa jirurratti qofa xiyyeeffachuun yaadi ofii salphaatti akka nama amnsiisu taasisuuf faayidaa guddaa waan qabuuf dimshaashessarraa fagaachuun barbaachisaadha.

Qajeelfamni kan biraan guduunfaan keessan sababa jabaadhaan akka deggeramu ittiin taasifatan Walfakkoo laafaa fayyadamuu dhiisuudhaani. Kana jechuun, walfakkeenya wantoota lama gidduu jirurra dhaabatanii guduunfaa walfakkeenya sanaan ala jirurra gahuu dhiisuu, ykn wantoota walbira qabamuu hindandeenye wal bira qabuu dhiisuu jechuudha. Fakkeenyaaf, namootni lama- Calaafi Tolaan- bifaan, hojjaadhaan, sadarkaa barnootaafi iddoo dhalootaan wal fakkaachuusaanii beekna yoo ta'e, akkasumas dabalataan Caalaan amantii Pirotestaantii hordofuusaa waan beeknuuf Tolaanis amantii Pirotestaantii hordofa jennee guduunfuun guduunfaan keenya carraa soba ta'uu akka qabaatu waan taasisuuf yeroo yaada dhiyeeffannu walfakkoo laafaa akkasii sababa/ragaa keenya keessatti fayyadamuu dhiisuu qabna. Kana qofa miti. Al tokko tokko namootni wantoota wal bira qabamuu hindandeenyefaa wal bira qabuun guduunfaarra gahan jiru. Fakkeenyaaf, dhimma keeyyata 39ffaa Heera Itoophiyaarra jiruurratti hundaa'uudhaan yeroo Oromoon mirga keeyyata sanaan nuuf kenname fayyadamnee fottoquudhaan mootummaa mataa keenyaa hundeeffanna jedhanii gaafatanitti namootni yaada kana mormuudhaaf 'jirmi hinfottoqu yoo dame ta'e malee; Oromoonimmoo jirma waan ta'eef gaaffii akkasii kaasuu hinqabu' jedhanii sababeessa dhiyeeffatan ni argina. Garuu mukaafi biyya wal bira qabuun fakkeenyi kenname sun guduunfaan "Oromoon fottoquu hinqabu" kan jedhu sana soba akkanni hintaane gochuu danda'aa?!hindanda'u. Oromoon tarii sababa biraa fottoquu hinqabneef qabaachuu danda'a ta'a; garuu sababi armaan olitti dhiyaate kun sababa quubsaa ta'uu hindanda'uudha. Gama biraan namootni biyyoota haala tokkoofi sadarkaa walfakkaaturra hinjirrefaa wal bira qabanii dubbatan jiru. Fakkeenyaaf, utuu haala qabatamaa dinagdee, siyaasaa, aadaafi seenaa biyyootaa hinilaalin irruma keessa qofa ilaalun Seerri ulfa baasuu heyyamu akkuma biyya Amerikaa keessa jiru biyya Itoophiyaa ykn Sa'ud Arabiyaafaa keessa jiraachuu qaba jedhanii namootni sababeessan jiru. Waan akkasiis yaadi keenya salphaatti fudhatama akka dhabuufi nama kan amansiisu akka hintaane waan nu jalaa taasissuf, yeroo yaada keenya dhiyeeffanutti guduunfaa keenyarra gahuudhaaf sababoota fayyadamnu keessatti walfakkoo laafa-wantoota wal bira qabamuu hindandeenye walbira qabuu- fayyadamuu irraa of eeggachuun barbaachisaadha.

Inni itti aanuufi kutaa lammaffaa kanaaf isa xumura



ta'emmoo kaleessarra dhaabachuun waan sichii jala muranii shakkii malee dubbachuudha. Biyya lafaa kanarraa wantoota ilmi namaa guutummaatti hinbeekne keessaa inni jalqabaa waan gara fuulduraatti ta'uuf jiruudha. Waan gara fuulduratti ta'uuf ni tilmaamna malee hinbeeknu. Tilmaamnimmoo yoomiyyuu carraaa soba ta'uu niqabaata. Darbeemmoo, kaleessa Xn waan Y dhalcheef, boris Xn Y'dhuma dhalcha jennee jala murree dubbachuu hindandeenyu. Sababnisaa haalli kaleessa Xn yeroo Y dhalche keessa ture kan jijjiiramu taanaan bor Xn Y dhiisee R dhalchuu danda'a. "Namni tokko kaleessa hattuu waan tureef boris nihata" kan jedhu shakkii ta'uu danda'a malee dhugaadha jennee jala murree waan fudhannu ta'uu dhiisuu danda'a. Sababnisaa, namichi yaada jijjiirrachuu danda'aa, ykn haalli amalasaa jijjiiruu danda'a, ykn ammoo waanumti inni hatuyyuu dhabamee akkanni hinhatne isa taasisuu danda'a. Kana dhiisi… waanuma akka seera uumamaatti fudhannu mataasaayyu kaleessaafi har'a akkanni itti jiru beekna malee boru malakkanni ta'u hinbeeknu. Amma eega biyyi lafaa kun uumamtee kaasee hamma har'aatt-hamma yeroon taa'ee barreeffama kana barreessaa jiruutti- aduun galgala galgala seentee ganama ganamammoo baati. Kun seera uumamaati. Haata'uyyuu malee, aduun hamma yoonaattigalgala galgala seentee ganama ganamammoo baati kan jedhurraa ka'ee boru ganama aduun nibaati jedhee jala muree dubbachuun guduunfaakoo carraa soba ta'uu akka qabaatu taasisuu danda'a. Sababnisaa: haala kamiin seerri uumaa kun jijjiiramuu akka danda'u hinbeeknu; tarii aduun bakkuma amma geessee jirtu kanatti dhaabattee yoo haftehoo?; ykn akkuma amantiiwwan tokko tokko jedhan yoo galgalli kun guyyaa dhuma biyya lafaa/dhufa Waaqaa yoo ta'ehoo-bor ganama utuu hinargin hafna mitii?;… Sababoota kanaaf kana fakkaatanirraa ka'uun, tokko, waa'ee gara fuulduraatti ta'u jala muranii dubbachuufi kaleessa waan/nama tokkoorratti hundaa'anii egereesaa jala muranii dubbachuun yaada ofii ibsachuun ykn guduunfaa wayiirra gahuun amansiisummaa yaada keenyaa kan gadi buusuufi guduunfaan keenya akka soba ta'uu danda'uuf carraa kan uumuudha. Qajeelfamoota yeroo yaada keenya ibsannu fayyadamuu qabnu kanneen qofa miti. Kan hafan marsaa itti aanuun itti deebina.

Kaleessarra dhaabachuun waan sichii jala muranii shakkii malee dubbachuu tooftaa isa dursaati.

Yaada jabaa, kan salphaatti nama amansiisuu danda'uufi namootni salphaatti qeeqanii si jalaa hinkuffisne qabaachuufi dhiyeeffachuu barbaaddaa? Yoos barreeffamoota mataduree kana jalatti kutaa kutaan dhiyaatan hordofii dubbisi. Kan har'aa xumureera. Nagaan turaa.
Waan dubbistaniif ulfaadhaa. Yaadaafi qeeqa yoo qabaattan teessoo armaan gadiitiin na quunnamaa.

Dassee Alex (Dastaa Alamaayyoo Qana'aa)
Yuuniversitii Wallaggaatti Barsiisaa Falaasamaa
Bilbila: +251921189018
Email: dasseealex@gmail.com / dadawesome1@gmail.com
Facebook: Facebook/DasseeAlex
Naqamtee, Oromiyaa

Jildii 1ffaa, Lak.6 Muddee 2012

Tujii Ibraahim
Ogeessa Seeraa



HIREE OFII

OFIIN MURTEEFFACHUU

Dhimma baay'ee wal mormisiisaa ta'e keessaa tokko dubbii hiree ofii ofiin murteeffannaa ti. Yaadrimeen ummanni kamuu mirga hiree ofiin murteeffachuu qaba kan jedhu biyyoota aaddunyarra jiran baay'ee isaaniin fudhatameera. Haa ta'uu malee, mirgi kun eenyuu fi eenyu hammata kan jedhu hayyoota addunyaa biratti waan wal mormisiisaa ta'ee dha. Garuu hiree ofii ofiin murteeffachuu jechuun maal jechuu dha? Kanaan wal qabatee dhugaan qabatamaan hawaasa addunyaa bira jiru hoo maali? Dhugumattuu, hiree ofii ofiin murteeffchuu ilaalchisee Chartariin Mootummota Gamtoomanii keewwata 1 jalatti bifa kanaan kaaha. All peoples have the right to self-determination.By virtue of that right they freely determine their political status and freely pursue their economic,social and cultural development.Hogguu hiiknu,Ummanni kamuu mirga hiree ofii ofiin murteeffannaa qaba. Sonuma mirga kanaatiin dantaa siyaasaa isaanii murteeffachuu fi diinagdee,hawaasummaa fi aadaasaanii bilisaan guddifachuu danda'u jechuu dha.Haala kanaan haa kaahuu malee,Chaartarichi hiikkaa hiree ofii ofiin murteeffachuu bakka itti kaahe hin qabu.Kun haa hafuu,ummata[people] ka jedhuufuu hiikaa hin kennine.Kunimmoo sababnisaa biyyoonni Chaartarii kana hangafummaan wixineessan Faransaay,Biritish fi Nezerland faan kolonii waan qabaniif hiikkan isaa yoo kenname fedhii isaaniitti danqaraa itti ta'uunsaan oolu.Chartarichi bifa waal faallessaa ta'een gama tokkoon mirga hiree ofii murteeffannaa kaahe,gama biraatiin tokkummaa biyyummaa / territorial integrity/ leellisuun daranuu walxaxaa taasisa.

Walumaagalatti hiikkaan hiree ofii ofiin murteeffachu hayyoota addunyaa biratti baay'ee walmormisiisaa fi inumaatuu hiika-dhabeessa ta'a. Chaartaricha biyyoota odolarra jiran ka kolonii warra lixaa jala jiraniif jedhe malee biyya tokkoomaa fi daangaanshii durbummaa qabuuf hin akkekne jedhu hayyoonni hiikkaa keewwaticha kennan muraasni.Lakkii ummanni kamiyyuu hamma naan malu hin arganne ykn nan cunqurfame jedhee yoo yaade sona keewwata kanaatiin hiree ofii murteeffachuu ni danda'a /hangaa foxoquulee/ jedhanii ejjannoo isaanii jabeessanii kaahu beektoonni muraasnis.

Dhugumattuu, waligalteewwan Chartaricha booda mallateeffaman kan akka Waliigaltee Mirga Siivilii fi Siyaasaa akkasumas Kooviinaantiin Mirga Dinagdee,Hawaasummaa fi Aadaatis waan hiree ofii murteeffachuu kana keewwatasaanii keessatti haa kaahan malee tasuma hiikkasaa hin kennine. Asirratti Itoophiyaan hundeessituu chaartarichaa fi waliigalteewwan kaneen akka mallatteessitee dagatamuu hin qabu. Akka haala biyya ishitti hojirra oolchuuf heera bara 1987 ragga'e keewwata 39 jalatti keessee turte. Dhugaa dubbachuuf taanaan,Heerri FDRE dhimma hiree ofiin murteeffannaa irratti chaartara `MG fi waliigalteewwan addunyaa kaneen caalaa ifa qabeessa godhee kaahe.Sabaa,sablamoonnii fi ummatoonni hunduu haalduree tokko malee /unconditionally/ mirga hiree ofii murteeffachuu hanga foxxoquttillee akka qaban kaahus wixineessitoonni heerichaa ulaagaa cimaa /stringent procedures/ kaahuun immoo miijuu keewwatichi lammiilee kenne salphatti akka hin unane taasisa. Inumaatuu kan hin danda'amnellee ni godha. Garuu heerri FDRE kun dhimma hiree ofii murteeffannarratti Chaartara MG fi waliigalteewwan olitti xuqame kana caalaa coollee fi bayaana jechuun ni danda'ama. Mee dhuka siyaasaa keewwata kanaatti utun cehin hiikka sabaa,sablamootaa fi ummatootaa maal jechuu akka ta'e haa laallu. Akka kewt 39/5/ jalatti hiikeetti Nation, nationality, and people shall mean a community having the following characteristics; people having a common culture reflecting considerable uniformity or similarity of custom,a common language, belief in a common bond and identity and a common consciousness the majority of whom live within a common territory. An alternative supported by a minority of the

→



Seerri Maal Jedha?

council.

Mee gaaleewwan kana tokko tokkoon caccabsinee afaan Oromtichaatiin haa laallu. Saba jechuun ummata aadaa waliinii kan baay'ee gos-takkaa ykn duudhaa /akkaata itti nyaatamuu fi dhugamu fi kkf/ walfakkaataa qabu,afaan tokkicha,walitti hidhata fi eenyummaa tokko waliin qabaachutti kan amanu fi qor-qalbii walfakkataa qabaatee daangaa tokko keessa waliin jiraatu. Afaan keewwatichaa salpha ta'us garuu gaaleen ''walitti hidhata qabaachuu fi eenyummaa tokko qabaachuutti kan 'amanu' fi daangaa tokko keessa waliin jiraachuu'' inni jedhu waan nama ajaa'ibuuf maal jechuu akka barbaade haa laalluu. Amma furtuun jechaa 'kan amanu' ta jettu tana.Ummanni tokko foon tokko ta'usaaniitii fi eenyummaa sabummaa qaban kana tursiifachuuf fedhii hin qaban ykn carraaqii hin godhan taanaan sabummaa ni dhaba jechuu akka hafuura kewt 39 tti.

Akka ummata keenyaa kana odon taane ummanni faranjii walit-hidhata sabummaaf gatii xiqqaa waan kennaniif saba hin jedhaman jechuu afaan kewt kanaatiin. Kanaaf ummanni keenya funyoo sabummaa isaan walitti hiitu kanatti amanu qaba.Akkasitti saba ta'a. Daangaa tokko keessa waliin jiraachuu qaban jechuunsaammoo ummanni faffaca'aan biyya addunyarra bittinaa'ee jiraatu tokkommo ummatummaa fi sabummaa waan dhabuuf sona mirgootaa kewwaticha kanaan kaahame dhabuu danda'aa jechuu bar afaan keewwata kanaatiin. Ulaagaa keewwatichaan foxxoquuf mana marii naannicha gaafii foxxoquu gaafateetti harka 2/3 faan ragga'uun dirqama. Ittuma fufee mootummaan feedraalaa gaafichi mana mare naannichaatiin isaaf dhihaatee waggaa sadii keessatti refirandamii naannicha keessatti qopheessee refrandamichaanis ummanni foxxoquu harka 2/3 yoo filate.Sana booda parlaamaan fedraalaa aangoo guutuu dabarsee mana marii naannoo foxxoqxee tanaaf kenna.

Ummatni keenya funyoo sabummaa isaan walitti hiitu kanatti amanu qaba.

Xumurarratti wanni godhamu qabeenya addaan qooddannaa dha. Naannoo of dandeessee dhaabbate kun qabeenya biyyattii keessaa dafqa waan qabduuf waanni ishiin malu qabeenya socha'as ta'ee kan hin sochoone safaramee qoodachuu. Kana yoo xiinxalle ammoo heerii FDRI dhimma hiree ofiin murteeffannaa ifaan kaahuusaa hubanna. Dubbiin hiree murteeffanna waan walmormisiisaa ta'uu olittuu kaafnee turre. Hiree ofii ofiin murteeffachuu gosa lamaatu jira .

Inni tokkoffaan, Hiree ofii ofiin murteeffannaa keessoo /internal self-determination/

Akka yaada kanatti ummanni tokko mirga aadaa,afaan fi eenyummaa ofii mul'ifachuu akkasumas naannoo ofii giddu lixa tokko malee joollee ishiitiin bulchuu dha. Ummanni Oromootis bara dheeraaf akka filannoo jalqabatti kana ka gaafachaa ture . Akka falaasama kanattimmoo mirgi hiree ofii murteeffachuu karaa kamiinuu biyya haadhorraa foxxoquu hin ta'u. Hire ofiin murteeffannaa keessoo kana heerri FDRI kewt 39/2/ jalatti ''Sabaa,sablamoonnii fi ummanni biyyattii marti mirga afaan ofii dubbachuu,ittiin barreessuu,guddifachuu,aadaa ofii calaqisuu fi dagaagfachuu akkasumas seenaa ofii dhalootaa dhalootatti dabarsuu danda'an. Of bulchuu fi mootummaa feedraalaa keessaattille joolleesaanii qabaachuu akka qabanis kaa'eera. Dhimmi hiree ofii murteeffachuu kun biyyoota Afrikaa kaneen lamiilee ofii cunqursan qofa keessatti qofa utuuntaane darbee darbee biyyoota guddatan kaneen lammiilee akka bishaan 'zamzam' mirgoota wal qixa raabsan keessattillee yeroo ka'u ni mul'ata.

Maxxansa itti anutti itti fufa…



Yaadannoo Imaltuu



Imaltuun takka geejjiba yaadaan, takkammoo geejjiba aadaafi ammayyaan yookaan immoo miiluma ofiitiin imaltee lafa yaadaafi garaashii geessi. Qabaattu galaa guduunfattee, dhabdus garaa ofii hidhannoo dugdaatiin jabeeffachaa kaayyooshii kaawoo qabsiifachuuf imalaa fuulduratti arreeddi. Galaan immaltuun guduuffattu kan garaatti nyaatan qofa osoo hintaane kan qomaafi qalbiitti ittiin galmeeffatan galaan yaadaatiis waan ooluu miti. Bakka tolettis ammoo yaadannoo barruufi waraabduu suur-sogalee (video) akkasumaa, kan sagalee qofaas qabaachuun amaloota yeroo hedduu imaltuurraa mullatan keessaa isaan ijoodha.Gaafuma manashii balbala gadi tarkaanfattu ija bitaafi mirgaatti falaasaa waan taajjabdu kamuu qalbiin hordofaa deemuuniifi yoo harkaa qabaattes kaameraadhaan suuraa kaafachaa deemuun amala kaayyoo imaltuu tokkoo adda godhuudha.

Imaltuu faanti nagayaa. Kabajamtoota dubbistoota barruu ‘Gullallee Post’ yaadannoo imaltuu keenya har’aatiin imala keenya Yuunvarsiitii Finfinneedhaa hanga siidaa yaadannoo wareegamtoota Oromoo Aanoleetti taasisuudhaan waan argineefi qalbifanne isin daawwaachiifna. Geejjiba yaadaa fe’adhaatii nu miittessaan affeerraa keenya kabajaati.

Onkaloolessa 22/2012 ALH yaada barataan Yuuniversiitii Finfinnee tokko kaase bu’ureeffachuun barattoota Yuuniversiitichaa hedduufi namoota muraasammoo alaa dabalachuun imaalli keenya gaafa sanbata xiqqaa ganama obboroodhaan handhuura Oromiyaa qe’ee Tufaa Munaa Finfinneerraa gara kibba Oromiyaa qe’ee Leenjisoo Diggaa gaaddisa Sikkoo-Mandootti fuulleffate. Beellamni miiltota keenya waliin qabanne sanbata xiqqaa obboroo barii sa’aatii 12:00 tti ture. Qeerroof Qarreen Oromoo kan qaama imaltootaa ta’an akkuma waliin jennetti dunquqquu hirriiba lafa barii moo’achuun bakkuma waliin jennetti fuula gammachuufi si’aa’inaan guutamee kan ijumaanuu laalan beela nama baasu tokkoon sa’aatuma beellama keenyatti ‘Restoraant’i Sabaanboonitti walarganne. Numarti keenyaayyuu guyyaa sana gahuu keenyaafi bifa bareedaa kanaan walarguu keenyaaf nagaa gammachuun guutame erga walgaafanneen booda qomee qomaa (T-shirt) kan siidaan yaadannoo wareegamtoo Aanoleefi gootota dirree sanatti wareegamaniin hojjetame tokko tokko fudhanne. Barreeffamni uffaticha fuulduraafi duubatti barreeffame jirus,

‘Qaanqen isaan kaleessa qabsiisan har’as dhalootan boba’aa jira, dhugaa malee kan dhaamsu hin jiru.’ Kan jedhu yeroo ta’u, Afaan Ingiliffaatiinis ‘The spark they lit yesterday is still burning through this



generation, only truth will be put it our' kan jedhu afaan lamaaninuu kan barreeffame erga dubbisneen booda uffannee gammachuun kankolaataa koontiraataan nuuf qabame seennee teessoo tokko tokko qabannee sosochii konokolaatichaa eeguu eegalle.

Haga konokolaatichi ka'utti waa'ee Aanolee, waa'ee qomee (T-shirt) nuuf hojjatamee, har'a dandeenyee deebinee gallamoo hin gallu kan jedhu kaafnee irraa dudubbachuufi warra tokko tokko kan barfaatanis qeequun keenya hin hafne. Kuuwwan keenyammoo, gareedhaanis, dhuunfadhaanis suuraa 'self-shot' / Ofee/ konkolaatuma keessatti ka'uu eegalle. Kuuwwan immoo suuraalee kanniin toora Fb isaarra galuun post itti banuunsaanis hin hafne. Kan qorri barii argee walitti caphutamee callisaan taa'us tokkoof lama hindhibne.

Otuma haala kanaan hundi keenyayyuu amala adda addaa argisiisaa jirruu kan barfates dhufee konkolaachisaan keenyas gabbiinaa lixuun qajeelchaa mataa qabatee mootorasaa ho'isuu eegale.Qindeessaan jila kanaas imaltoota maqaa yaamee martuu dhufuusaanii erga mirkaneeffateen booda konkolaachisaadhaaf qajeelfama 'deemsa ittifufi' jedhu kenneefi teessoo ofii qabatee taa'e. Gargaaraan konkolaachisaas balbala cufee konkolaachisaan keenyas qabattoosaa hidhachuun nufudhatee kara baha biiftuutti kutuun sagalee dhageessisaa socho'uu eegale.

Sanbata xiqqaa ganama keessaa sa'aatin tokko ta'eera. Konkolaatan keenya baay'ina imaltootaa jahaatama gadi hintaane qabattee addababaayii caffee Araaraa (6 killo) irraan naannoftee irraan gadee gara riqicha laga qabbana'aa (qabbannaatti) nuun gulufuu eegalte. Baay'ina konkolaattotaa irraa kan ka'e daandiin magaalaa Finfinneerraa gara Magaalaa Adaamaatti balbala Goorootirran nama baasu xiqqoo rakkisaa ture. Akkuma ta'etti takka dhaabbachaa takka faaggaa konkolaataa afuufaa, takkammoo ifaa Tiraafikaatiinis qabamaatuma Gooroo geenye. Nus deemsa keenyaan fooddarraan kaameraa ija keenyaa bitaafi mirgatti ergaa yaadannoo imaltuus qabachuu eegalle.

Akkuma Gooroo geenyeen gamoowwan dhedheeroo manneen jiuufi jireenya waliinii (condominium) haaraa aspaaltirraa qabanii gara Baadiyaatii tarraa'anii mul'atan ija gatiitiin ilaaluu eegalle. Dachee gamoowwan dhedheeroon kunniin hiriira galanii irradhaabbatan kana ilmaan Oromoo kan irraa buqqa'anii facaafaman ta'uusaa durumayyuu quba kan qabnu ta'us, gaafa bira geenyee ijaan agarru garuu miirri nutti dhagahame laafaa hin turre. Xaafii adiin akka looffisa durba reefu geechuu cinaa tokkotti jigee walirra ciciisu, kan cinaa manneen kanaatitti argamu ummanni asii buqqa'ee bade hagam jireenya qananii keechaa bahe nama tilmaamsisa. Warri Galaan kan qe'ee tanarraa buqqa'an har'a garam jiraatinuu laata?

Egaa Wareegamni ilmaan Oromoo baraa-gadaadhaaf kaffalaa turan kabaja qe'eesaarratti mulqame kana deeffachuuf kaffalluunsaa, wareegama haqaati jennee keessa keenyatti ofiin dubbachaatuma daangaa M/Finfinnee gadi dhiifnee baane. Daandin aspaaltii kan irraan gadee gara M/Adaamatti nama geessu dirrasaa dugda Jawwee fakkeessee bareedee mul'ata. Bitaaf mirgatti maasaan qonnaan bultoota Ada'aa midhaan gosa adda addaatiin uwwisamee gorii na daawwadhu namaan jedha. Diriiree bitaafi mirgatti bal'achuun dirra dirreesanaa simboo addaa uffatee waan nama huwwatuuf nus bira dabruu dadhabnee konkolaataa keenya dhaabsifnee buunee dhaabbanneetuma daawwachuu eegalle.

Haalli midhaan kun itti misee tole baranuma beela waan jedhamu hari'ee waan biyya keenya baasu nutti fakkaate. Garuu xaafiin kun yoo oomishamee gale garam akka goru waan hin beekamneef akkuma callee baddee caluma jennee ijumaan sooranee biraa deebine. Silaa akka Xaafii Ada'aa qofa qabnuuniyyuu biyyi keenya ofirra dabartee Ormaafuu taati ture. Garuu dubbiin faallaa taatee fala dhabuun falfala beelaa ummata keenyatti ta'uunsaa maalif? Jennee keessa keenyatti of gaafachaa imala keenya itti fufuun Ada'a gadidhiifnee kutne.

Daandii guddaan magaalaa Adaamatti nama geessu bareedinasaa gonfateti gufuu tokko maleeirraan gadee gadiin nu xuruuraa seensa magaalattiirratti Galma Abbaa Gadaatti nufide. Galmi Abbaa Gadaa aspaaltiirraa harka bitaatti seensa magaalattiirratti 'anaa dhufu' namaan jedha. Nullee achi gahuu keenya wal yaadachiifnee waa'ee galmicha haga beeknu yaada waljijijjiiraa, 'waan gaarii ummanni keenya magaala Adaamaa keessaa qabuudha' waliin jechaa tarkaanfii keenya fuulduratti fudhachuu ittifufne. Gamoowwan babbareedoo daandii magaalattii bitaafi mirgarra hiriiranii jiran miidhagina uumaaf na daawwadhaa osoo jedhuu nu yeroo waan hin qabneef jabaanneetuma midhaan-bishaan osoo hin jedhin daandii kallatti kibbaatti nama geessu qabannee Adaamadhaan 'nagaa ta'i' jennee bira kunne.

Daangaa bulchiinsa Magaalaa Adaamaa keessaa baanee akkuma xiqqoo fuulduratti gulufnee dachee jiituu magariisoftuu kan bal'inaseen qaroon ilma namaa irra qaari'uu hin danndeenye harka diriirfattee 'anaadhufu' nuun jette. Ajaa'iba dachee Oromiyaa, edaa kanas qabnaa? Dacheen dirrashii diriirfattee siree warra soorechaa fakkaattu kun, yoo halaalaa ilaalan Oomisha



Yaadannoo Imaltuu

qamadii fakkaata. Garuu akkumaitti siqaa deemanii Agadaa Shankooraa ta'uunsaa namatti beekama. Marti keenyayyuu akkuma achi geenyen kaameraa keenya kan baay'innishii dhibbaa gadi hin taane itti qixxeessinee walsaamuu eegalle. Garuu hundumtuu waan walfakkaatuuf qaroon teenya waan irra buutuu dhabdee haafofte. Laallees quufuu dadhabnee qalbumatti sooranne.

Omishichi kan warshaa Sukkaara wanjii ta'uu keessa beektonni gurra nu buusanii, nus kana dhageenyaan inni kun qofti rakkina sukkaara biyya tanaa maaf furuu dadhabe gaaffi jedhuuf gaafatamaa dhabnus keessa keenyatti gumgumuu hin dhiifne. Silaa dhugumaan abbaa maluuf oolee sukkaarri dachee tanarratti oomishamu qofti hanqina jiru hambisuu bira darbee, rakkina baayi'na sukkaaraatiifu nu saaxila ture. Akkuma walcinaa jirruun waan kanarratti erga yaada keenya buufnee baafnee 'bishaanifuu marqaan haaxiqqaatu' akkuma jedhamu ijoollee Abbaay Tsayeetifuu eessaa kan dachee teenya nuu biqilchite nyaanna jennee ittuma dhiifnee gara magaala Awaash Malkaa sa'aatti qajeelle. Awaash Malkaa sa'aa daqiiqaafillee osoo keessa hin
dhaabbatin fooddumarraan bitaaf mirga ijumaan gadhafaa bira kunnee dildila laga Awaash kan Godina Shawaa Bahaafi Arsii walitti ceesisu geenye.

Laga Awaashirra kuduraaf muduraawwan gamaaf gamanaan dhaabbatanii jiran argaa nama hawwatu. Jiraattonni naannichaammoo kuun lagicha seeneetu qaama dhiqata; kuun immoo qarqarasaatti salaata. Walitti hidhamiinsi lagni kun jireenya hawaashichaa waliin qabu haalan jabaa ta'uusaa tilmaamnee nus deemsa keenyaseena qabeetti Dheeraatti qajeelle. Magaalaa Dheeraa kan geenye guyyaa keessaa sa'aatii 3:30tti. Magaalan tun seenaa qabsoo ummata Oromoo keessatti bakka addaa akka qabdu yeroo hedduu ibsamaa ture. Bakkatti Oromoon Oromummaasaan garaagarummaa amantiirra caalchifatee



Bakki Dhaddachi waltajjichi seena qabeessi magaalaa Dheeraatti gaggeeffame yeroo ammaa kana mooraa maatii dhuunfaa tokkoo keessatti argama.

sangaa tokko qalatee, qorii takka keessaa waliin nyaatee ilmaan haadha takkaa ta'uusaa itti mirkaneeffateedha magaalaan Dheeraa. Waltajjii Dheeraa irratti Maandiisa qabsoummata Oromoo Jeneraal Taaddasaa Birruudabalatee hayyoonni hedduun hirmaachuun xurree ilmaansaanitiif kaa'uusaanii seenaan regaadha.

Maarreekaa, Magaalaa tana akkuma geenyeen konkolaataa keenya dhaabnee cireefi laaqana keenya bakkuma tokkotti walumatti nyaannee, amma warri kuun buna dhuganitti daandirratti baanee namoota tokko tokko bakka waltijjiin Dheeraa itti taa'ame gaggaafanne. Dargageessi dubbisne tokko akka nuu ibsetti Dhaddachi waltajjichi seena qabeessi sun itti gaggeeffame yeroo ammaa kana mooraa maatii dhuunfaa tokkoo keessatti akka argamuufi innillee maatii sana keessaa nama tokko akka ta'e nuuf ibsee, yoofeene ammallee laaluu kan dandeenyu ta'uu nu hubachiise. Bakkichi yeroo ammaa kanas magalattiin alatti kan argamu ta'uus nutti himee, fuula ifaan nu geggeese.

Egaa kabajamtoota dubbistoota barruutanaa imaltuu faanti hin dhaabbattu waan ta'eef lafa kaaneef gahuuf magaalaa Dheeraa irraa gara lafa seena qabeettii Dachee Aanoletti imala keenya eegalle. Yaadannoo keenyas qabachuu hin dhiisnekaa.

Imala keenyan amma daandii aspaaltii irraa buunee daandii ciirrachaan hojjatamerra buuneerra. Bitaafi mirgatti waan mul'atu qaroo teenya erginee sakatta'aa fuulduratti qajeelle. Jilicha magaalaan Dheerarraatti kan nutti makame Bergeder Jeneral Kamaal Galchuu dabalatee namoota kan biroo isaan faana turan konkolaataa sadiin nu dursuun daandii nutti argisiisaa nufudhatanii garasitti qajeelan. Daandii nu qabannee deemnu gamaafigamanarraan Ommishni Qamadii afaan nama qabachiisa. Kan xaafii Ada'aafi Oomisha shankooraa osoo dinqamnuu kan caaluttuu baane. Balinni dachee,



Yaadannoo Imaltuu

akkitti midhaan tole ijumaan qofa yoo laalan nyaata nama hin feesisu.

Dachee ammana bal'aturraa osoo kana hunda oomiishtuu biyyi tun beela himachuun, beelofne jettee karra namaarra dhaabbachuun, qaanii bira darbee salphina akka ta'etti taajjabaa, waaqammoo dachee gara-laaftuu tannarratti nu uume galateeffachaa osuma jirruu walaloon duraan barreesse tokko natti yaadatame.

"…Arsii Baalee, burqaa garbuuf qamadii
Handhuura Oromiyaa tuulama lafa xaafii adii
Dirree safuuf hoodaa, qe'ee siiqqeefi qanafaa
Biyya waaqni nadhii itti roobee, warqiin biqilu lafaa"

Walaloo kana barreessuukoof har'a akkan hin sobin mirkaneeffadheen osuman duubatti hirkadhee yaaduu, konkolaatan keenya dhaabbate. Aanolee lafa harmaaf harka muraa ilmaan aayyaa gahuu keenya.

Namoonni naannichaafi daawwachiiftonnis simannaa nuuf godhanii nu dura bu'uun nu daawwachiisuu eegalan. Nulleee ijaan waanachi keessa jiru sakatta'aa lafa waggoota hedduuf arguuf hawwaaturre kana daawwachuu eegalle.

Daawwii keenya jalqabaatiin siidaa harmaafi harka muraa Aanolee daawwanne. Siidaan kun oldhaabbinsaa hojjaa namaatirra baay'ee olka'ee kan mul'atu yoota'u, gubbaasaatti barruu harka namaa keessatti mallattoo harma dubartii qabateet jira.Kunis mallatto harkaafi harma muraa abbootii fi haayyolii teenyaa kan sirritti ibsu ta'uu haalan hubannee, daawwachiisaan keenya nu fudhatee gara kutaa itti aanutti nuun sokke.

Kutaan kun kutaa itti namni geeffamee harki mirgaafi harmi itti namarraa ciramaa turedha. Kutichi lafa gadhi dhooqaa keessatti kan argamu yoo ta'u, balbala lama kan qabuudha. Balballi inni jalqabaa kara namni seenu yoo ta'u, inni lammaffaan immoo, erga harka muramaniin booda kan ittiin bahaniidha. Namni harkisaa murame kutaa itti aanu "kutaa ukkaamsaa" kan jedhamu keessa tursiifama. Kutaa kana keessaa iyyaniis sagaleen namaa waan hin dhagahamneef birmannaanis hin jiru. Kutaalee kanniin lamaan jidduutti "Qilxuu harkaaf harma muraa" kan jedhamus jira. Qilxuu kanarratti harkiifi harmi namarraa murame fannifama. Qilxuun kunis har'allee maqaan kanaan yaamamaa kan jiru yoo ta'u hanga har'aattis ijaajjeetuma jira.

Kutaa isa lammaffaa keessaa akkuma baaneen fuuldura bitaaf mirgaa irratti Siidaa Gooticha Leenjisoo Diigga Dabalatee siidaawwan wareegamtoota hedduufi iddoon awwaalcha jimlaan itti awwaalamaniis ni mul'ata. Gaafa siidaa kana hojjachuuf lafti qotamaa toretti lafeen namoota achitti awwaalamanii lafa keessaa akka bahaa ture manguddoonni ni himu. Awwaalaafi siidaawwan kanniin fuuldurattimmoo muuziyeemii /godanbaa/ Aanoleetu mul'ata.

Godanbaan kun lola barasanaan keessatti meeshaalee waraanaa, Gonfoo Minilik, faaya faradoofi meeshaalee aadaa umma Sikkoo- mandoo akka gaaritti ofkeessatti qabatee jira. Godanbichidirrisaa guutuun qalama diimaan kan dibame yoo ta'u, kunis yaadannoodhuma dhiiga achitti dhangala'ee akka ta'e daawwachiiftonni haalaan nutti himaniiru. Dhuma daawwannaa keenyaa irrattis Miidiyaan OMN saganticha hordofaa ergatureen booda B/Jeneral Kamaal Galchuu dabalatee, hirmenattotarraa yaada fudhachuun daawwannaan siidaa wareegamtoota Aanolee kan Godina Arsii Aanaa Heexosaa Ganda Aanoleetti argamuu goolabame.

Nullee waan argineefi dhageenye kan garaatti, kaan yaadannootti qabannee imala keenya gara ganama dhufneetti ofirra deebinee, Finfinneetti qajeelle.

Sandalii fi yaada kee

- - -

Guuree deemee hin turree
Fudhatee faanni kee?
Aara sandalii keessaa
Maal hojjeta ayyaannikee?
Sandaliis akka namaatti
Maaltu jaalala barsiise ?
Kibriitii itti qabsiisaan
Yaada kee natti qabsiise
Urgaa qaama kee durii
Mana kootti gadhiise!

Abboomaa Margaa

Fuula 21 irraa kan naanna'e

Jawaar Muhammad: Mormiin sun kennaa gaarii ture. Sababnisaa, kaayyoon mormii sanaa Oromoo maqaa balleessuudhaaf ture. Xiyyeeffannoon jaraa ana qofa miti; Oromoo maqaa balleessuu, qeerroo xureessuu ture. 'Oromoon nama jibbaa; saboota isa keessa jiran buqqaasaa; amantaadhaan nama ajjeesaafaa' jechaadha kan isaan turan. Nuti garuu kun akka jedhamuufi godhamu dursinee beekna turre. Hawaasni keenyas biyya alaatti baayyee waliin gurmaa'ee waan jiruuf, miira tokkummaadhaan wal ta'eetu galma qopheessee galama keessatti maarii gaariidha kan qopheessaa turame. Yeroo daandiirra darbee gara galmaatti dhufus jechaafi arrabsoo gaggadheetu nama keenyaan jedhamaa ture. Sana qofa miti doorsisaafi aggaammii garaagaraatus ture. Gocha kana marammoo nus miidiyaa keenyaan dabarsaa turreerraa, miidiyaaleen biyya alaa hedduunis hordofaa turaniiru.

Sana hundaa callisnee ogummaadhaan bira kutuu keenyaanis, kan nama jibbu, kan saba biraa jibbu, kan amantaan nama qoodu eenyu akka ta'e kan aggaammiifi haleellaa jibbaa namarratti godhu eenyuun akka ata'es ifaaf ifaan agarsiisnee jechuudha. Oromoon uummata kaayyoodhaaf qabsaa'u akka ta'e, uummata naamusa gaarii qabuufi jibba sabummaa hin qabne akka taane, utuu arrabsamnuu utuu nutti tufanii callisee darbuun uummata keenyaa uummata nagaafi tarsiimoon socho'u ta'uusaa mirkaneesse.

Utuu jarri qoqqoodama amantiin walii keenya wal nyaachisuu hawwanii, Oromoon didee bira kutuun amantaafi ilaalcha adda addaa keessaa walitti ba'eetu wal danda'uu guddaa agarsiise.

Filannoon dhufaa jiru kun Oromiyaaf yeroo rifarandamii ta'uu qaba; yoo kanaachi kan jarri jalqabarratti diiguuf yaadan Oromiyaadha"

DC keessatti akkuma uummatni arge mana waaqeffannaa kiristaanaa keessatti walga'ii godhachuu qofa utuu hin ta'in abbaan amantii tokko dhufee waan nu eebbiseef mana waaqefannaa habashoota waliin tajaajilu keessaa hari'umuunsaa tokkoomuufi xinsammuun hawaasa keenyaa guddachuusaa ragaa ta'a. Kan si dhibu abbaan amantaa ulaa dura dhaabbatee nu abaaraa ture, nu arrabsaa ture utuu hin ari'amin kan nu eebbise sababa nu eebbisee qofaaf ari'ame. Kun ammoo gareen nu jibbu sun garaagarummaa yaadaafi amantaa akkasumas sabaaf bakka qabaachu dhabuusaanii agarsiisa. Nuuf ammoo gochi jibbaa isaan nurratti godhan kun carraa ture. Sababnisaa, ilaalcha akkamii akka nuuf qaban, sababa Oromummaaf nu jibbaa akka jiran akkasumas gara fuuladuraattis maaliin akka nuuf qophaa'aa jiran kan saaxile ture. Faranjii isaan wacaafi ololaan gowwomsuuf yaadanii turan sun wacumaafi ololasaaniin akka isan baran kan godhe ture. Kanaaf mormiin sun nuuf carraafi kennaa addaati.

- Hayyoota Oromoo biyya keessas ta'e biyya alaa jiraatanii qabsoo Oromoof naaftaa ta'aa turan keessaa, erga jijjiiramni kun dhufee kan of kennee Dr.Abiyyi nu ceesisa jedhee amanan keessaa tokko si ture. Mee amma wanti filannootti akka hirmaattuuf si dirqamsiise, mootummaa kanarraa, yookaan ce'umsa jalqabame jedhamaa turerraa abdii kutatteetuu?

Jawaar Muhammad: duras abdiin turee, mootummaa ADWUI keessaa humni jijjiirama barbaadu tuttuqnee gara uummataatti as deebisuu danda'uu qabnaa, kanammoo kan gochuu dandeenyu TPLF jalaa biliisa baasuudhaanii jenneetu turre. Yeroo kana goonus ammaa akka balaa qabu ni beekna turre. Adeemsichi balaaf nu saaxiluu akka

malus shakkii inuma qabna. Haa ta'u malee, nuti yeroo sana Obbo Lammaa Magarsaarratti abdii guddaa horannee turre jechuudha. Akkuma yaadnes Lammaan sabboonummaa Oromoo keessoosaatti fudhachuudhaan sochii kana gara injifannootti oofuu danda'eera. Ergasii as humni Lammaa waliin ture itti galagaluun erga Lanmmaa teessoorraa kaasanii booda rakkoo nuti hin eegin hedduun mullataniiru. Nutis yoodhuma xiqqaate amma filannootitti rakkoo keenya waliif kabaa amma filannootitti waliif obsina yaada jedhurratti waliif galle.

Haa ta'u malee, waggaa tokkoofi walakkaa kana keessatti wanni nuti agarre, mooraa qabsoo Oromoo itichuurratti utuu hin taane, bittimsuurratti sochii xiyyeeffatedha. Cee'umsi gara diimokiraasiitti godhamme humna jijjiirama barabaadu kan saba keenyaa qofa utuu hin taane, kan saboota hundaayyuu mooraa tokkotti itichanii waliin deemuu gaafata. Kan nuti agarre garuu saboota kan biroo gurmeessuun hafee isa gurmaa'ee jiruyyuu bittimsuudha. Jijjiirama kana akka jaarmiyaalee Oromootti ta'uun hafee, akka sabummaatti ta'uun hafee, akka murna tokkichaatti yookaan ammoo akka nama tokkootti deemuuf yaaduun biyyattii waan xiyyeeffannaa qabsoo Oromoo faallessu ta'ee rakkoo guddatti kan nu geessaa jirudha.

Ce'umsi siyaasaa ammoo akka kanaan hin milkaa'amu; kan ce'uun dandaa'amu siyaasa yaada gurmaa'aa walitti fiduuni. Adeemsi isaan itti jiran ammaa kun qabsoo Oromoo akka faallessus hooggantoota mootummaa waliin baayyee dudubbannee turre. Dabalataanillee adeemsi isaanii dantaa Oromoofi Oromiyaa akka balaatti dhaqatu irra deddeebiin itti himaa turreerra. Kunis ammoo sadarkaa walitti bu'insaan utuu hin taane bifa naamusa qabuun ture.

Filannoo dhufurratti kan isaan jedhan jira, isaan 'sabaan gurmaa'uun hin barbaachisu; maqaa itiyoopiyaa qofaan sochoo'uu qabna; Oromoon akka Oromootti utuu hin taane akka dhuunfaatitti jaarmiyaa keessa seenuu qaba' jedhu. Yaadni kun ammoo nuuf hin ta'u. Sababnisaas Oromoon waloodhaan akka sabaatti garboome waan ta'eef akka sabaatti falmachuufi gurmaa'uutu irra jiraata. Oromoo qofas miti warri biraas waloon gurmaa'anii falmachuutu irra jiraata. Yoo akkas ta'emmoo nageenya biyyattiis itti fufsiisuu sirriitti dandeenya. Nutis egaa yaada kanarratti cichine; isaan ammoo yaadasaanii sanarratti cichan. Kanaaf kan gara abdii irraa dhabuuttis nu fide. Hireen amma jiru ammo nuti yaada federaalizimii sabummaa kanaan uummatatti dhihaanna; isaanis yaada saba bittimsee dhuunfaan jaaramuu kana uumatatti dhiheessu, yoo kana uummatnis kan isaaf ta'u filata jechuudha. Kanaaf abdiin keenya inni haaraan, yoo filannoo dhufuratti mo'amnee ijaaramnee ammas kaayyoo keenya barsiisuu itti fufna; yoo moone ammoo mana mareetti seennee kaayyoo uummata keenyaa karaa qabsiisna jechuudha.

- Yeroo gara filannootti seentu yookiin ammoo paartii tokkotti dabalamtu, uummata ofiif dubbachuuf akka ammaa kanatti naaf mijata jettee ni yaaddaa? Keessattuu qoodni ati Televejiinii OMN keessatti qabdu akkam ta'inna?

Jawaar Muhammad: Uummata kiyyaaf dubbachuuf homaa nan daangessu. Amma tokko akkaata deemsaafi daangaa dubbii jijjiiruu yookaan fooyyessuu nu gaafata. Haa ta'utii garuu carraan uummata ofiif dubbachuu inumaayuu daran akka ta'u taasisa malee wanni gufuu ta'u hin jiraatu. Gaafa san, bifa caaseffama qabuun bifa ijaarsa qabuun jaarmiyaa cimaatiin akka dubbannu ta'a. Akkaataan ani ittiin itti seenuuf yaades akkaataa tokkummaa Oromoofi sagalee Oromoo ceesisuu danda'utti. Ijaarsi keenyas sabaafi sablammoota kan giddu galeeffatu waan ta'eef shakkiin akkasii jiraachuu hin qabu. Filannoo kanatti hoggaa seennu bakkoota adda addaatti wal mormiin ni jiraata. Wal mormii kana keessattis, ejjennoon Oromoo inni dhugaa durii kaasee hanga ammaatti jiru maal akka fakkaatu dhugaatti badaadhamoo gaariidha kan jedhu calaqqisiisuu dandeenya. Duula filannoo sanaafi wal mormii miidiyaa sanaanis irra caalmaatti uummataaf dubbachuudhaan hojii guddaatu hojjetama jedheen abdadha. San boodammoo namoonni ciccimoon Oromoon qabdu caaffee keessas ta'u, mana maree /paarlaamaa/ keessa seenuun fedhiifi dantaa Oromoo sirriitti calaqqisiisuudhaaf hiree guddaa arganna jechuudha. Kun ammoo bifa caasaa jabaa qabuun akka gurmaa'insa gaarii qabaatuun dubbachuuf yoo karaa ta'e malee, akkaafi bakka dubbii kan nu dhowwu miti.

- Ciniinsuufi rakkoo uummatni keenya keessa jiru hammaachaa dhufaa jira. Keessattuu dubbiin lixaafi kibba Oromiyaa ammallee furmaata hin arganne. Haalli kun ammoo baballatee gara hin taanetti fulla'aa jira. Rakkoon kun utuu jiruu filannoon bara kanaa ni milkaa'a jettee ni yaaddaa?

Jawaar Muhammad: Mootummaan filannoon caamsaatti ni geggeeffama jedheera. Nutis ammoo ni geggeeffama jenneetuma amannee itti adeemuu qabna. Dhimma kanarratti ni geggeeffamamoo hin geggeeffamu jennee qalbii hiruun hin barbaachisu. Kan barbaadamaa jirus ni geggeeffamamoo hin geggeeffamu jennee qalbii utuu hirruu tasa yaada nu hatuudha. Wanni isaan waan kana sirriitti

jala muranii ibsuurraa of qusachaa jiraniifis kanaafi. Ofii amma riphanii yaada uummata erga garlamatti hiranii booda, yoo jinni lama hafu as ba'anii ni geggeeffama jechuun qophee malee sagalee waliin dha'uufi. Kanaaf nuti akkanni geggeeffamu beeknee amanteedhaan qophoofnee ta'uu danda'uudha qabna.

Dhimma nageenyaafi tasgabbii irratti garuu wanti ani dhaamuu barbaadu, uummatni keenya tasgabbaa'uutu irra jiraata. Uummatni kun nagaan jiraatee gad ba'ee sagaleesaa dhugaa kan kennatu yoo taate, qaama kaayyoonsaa jalaa fashalu waan jiruuf, uummatni dantaasaa fedhiisaa hoogganaa bakka na bu'a jedhu filachuun akka isaaf tiksuuf amaanaa akka itti kennatu kan hin barbaannetu baayyata. Kun ammoo sabboonummaa fi ijaarama Oromoo warra sdodaatuun godhama. Kanaan ammoo jeequmsa uumanii foorfeedhaan mo'achuu warra yaadani. Kanaaf uummanni keenya, qeerroon Oromoo nagaafi tasgabbiisaa bakkatti deebifatee filannoo dhufu tooftaan irra aanuuf hojjechuutu irra jiraatan jedha. Jarri sababa adda addaa uumanii uummanni keenya akka lolu, akka finciluu gochuu danda'u; ammas eegalaniiru. Filannoo jala gochi kun baayyee yaalama. Kana hanqisnee irra aanuudhaaf ammoo nageenyi carraa bal'aa nuuf bana. Kaleessa yeroo barbaachisaa ta'etti falmaa cimaa godhaa turre. Amma garuu yerichi darbeera; amma kan namni keenya gochuu qabu, filannoo dhufurratti sagaleesaa kennachuudhaaf waraqaa eenyummaa haaromsachuufi baafachuudha. Dabalataanis kaadhimamaa ta'ee dorgomuuf of qopheessuun namni keenya amma kaninni nagaa buusuu qabu. Filannoon dhufaa jirtu sababa nageenyaatiin darbuu hin qabu; sababa rakkoo nageenyaatiin namoonni jajjaboon kaadhimamuu qaban akka hin hidhamne, akka hin ajjeefamneef amma kan dursinee qophaa'uu qabnu. Qopheen duraa ammoo nagaan akka jiraatuuf hojjechuudha; diina dursinee dammaquutu nurra jira.

Taatee onkololeessa 11 sana balaa inni qaqqabsiisu yaadeen ajandaa gochuu jibbe.

- Mee gara taatee Onkoloolessa 11/2012 raawwateetti haa deebinu. Taatee sana booda, haalli siifi Dr.Abiyyi gidduu jiru araaraan akka furmae waltajjii Ameerikaatti gooterratti dubbattee turte. Dhimma sanaaf yakkamaan yookaan badiin eenyuutti murtaa'etu dhiifama waliif gootan?

Araaramne utuu hin taane, wal lola hin qabnu. Anaafi inni obbolaadha; wal lola dhuunfaas addatti hin qabnu. Garaagarummaa garuu ni qabna. Akkaataa biyyi kun itti deemuu qabdurratti inni ilaalcha mataasaa qaba. Anis ammoo akkasuma ilaalcha mataa kiyyaan qaba. Kun har'a miti durarraa kaasee waan turedha. Ana qofa waliin ammoo miti; namoota kan biroo waliinillee garaagarummaa ilaalchaa ni qabaata. Kanaaf akka rakkoo dhuunfaatitti ilaalamuun irra hin jiraatu jechuufan jedhe. Anaafi Abiyyi garaagarummaa qabnu kanaan kan wal jifannu utuu hin taane, bifa qaroomina qabuufi safuufi safeeffannaas Oromoo giddu galeeffatuun gara fuulduraatti deemuudha qabna. Kanarratti ammoo waliif galleerra.

Badiin eenyutti murame kan jettuuf ammoo, taatee gaafa sanaaf kan itti gaafatamu mootummaadha. Yaalii sana kan godhe qaama mootummaati. Kanammoo mootummaan amaneera; poolisiin federaalaa gara mootummaa federaalaatiin amaneeraa, mootummaan naannoo Oromiyaas gama pirezidaantiitiin amaneera. Ministeerri Muummees yeroo Harar dhaqetti gocha uumame sana keessaa akka harka hin qabne, gochi sun ammoo dogoggora ta'usaa amaneera. Kanaaf taatee sanaaf, rakkoo sanaaf kallattiidhaan kan itti gaafatamu mootummaadha jechuudha. San bira darbeemmoo

namoonni akka dhuunfaatti yakka sana godhan seeratti dhihaatuutu irra jiraadha gaaffiin keenya. Anis wantin warra mootummaatiin jedhe, waan ta'e yoo ofiif gootanii jiraattanii dogoggora ta'usaa amanaatii irraa baradha. Yoommoo quba qabaachuu baattanii kun aggaammii hunda keenyarratti godhameedhaatii qoradhaatii seeratti dhiheessaadha. Kana bira darbee garuu akka ajandaatti itti adeemuun hin feene ani. Kanaafani kanin dubbichi akka qabbanaa'uf, wal dhabdeen anaafi Dr.Abiyyi giddu akka hin jirre dubbadhes.

- Maalif ajandaa hin ta'in? taatee sana salphisanii ilaaluun ulfaataa hin ta'uu?

Jawaar Muhammad: Haalli nuti akkuma biyyaattis akka sabaattis keessa jirru haala baayyee rakkisaadha. Haala kana ajandaa goona taanaan ammoo haalli baayyee hammaataa adeema. Sababa yaalii sanaa mormiin riphe kan akkasitti dhohe, yoo gara ajandaatti kan jijjiirsamu taate, balaafi rakkoo hammaataatu ammas dabalama waan ta'eef dubbicha furuufi qabbaneessuun gaarii akka ta'ettan hubadhe. Kanammoo ofiif jechan godhe. Biyya kana keessatti yaalii ajjechaa namarratti godhuun waan haaraa miti. Nama hedduutu ajjeefamaa oola. Mootummaan yeroonni qoratee yakkamaa seeratti dhihessus amma ammaatti hin argine. Kun ammoo muffin uummataa akka fiixeerra ga'u godhaa jira. Yeroo daandii lakkuurra jiru kanatti ammoo dhimma sana ajandaa kan goonu taanaan balaa caalutu uumama. Balaa sana qolachuufis ta'e lolachuuf ammoo qopheetu barbaachisa. Kanaaf dhimma sana ajandaa gochuurra, mootummaan akka qoratee yakkamaa seeratti dhiheessuuf waamicha taasisutu caalee natti mullate.

- Dhimma walitti baquu ADWUI ilaalchisee, sodaafi yaaddoon federaalizimii diigamuu akka jiru maxxansa jalqabaa Gullallee Post irratti dubbattee turte. Haalli walitti baqiinsaa kun amma milkaa'ee jira. Yaada walitti baquu ADWUI fi dhabamuu ODP waliin wal qabatee, Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaaf yaaddoofi balaan jira jettee ni yaaddaa?

Jawaar Muhammad: Yaaddoo guddaatu jira malee. Sirriitti yaaddoo qabaata. Dhimma kana namni keenya sirriitti keessa beekuutu irra jiraata. Warri ODP balleessee PP uumuudhaaf dhiibe, warra "siyaasni sabaa fafa; siyaasni sabaa qaaniidha; sabaan gurmaa'uun biyya qoqqooda; biyya ajjeesaa; sabaan gurmaa'uun duubatti hafummaadha" warra jedhee amanuudha. Wanni paartiilee sabaan jaaraman diiganiif, siyaasni kan geggeeffamuu qabu nama dhuunfaadhaani malee akka sabaatti gurmaa'uun hin barbaachisu jedhanii warra amananidha. Kana hojiitti hiikuudhaaf ammoo paartiilee diiguudhaan eegalanii jiran. Geggeessitoota mootummaa kanaa baayyeesaaniirraa afaanuma isaaniin kan isaan dubbatan dhaga'een jira; yoo isaan filannoo kana mo'atan, federaalizimii sabarratti hundaa'e kana diiganii Itiyoophiyaa lixaa, Bahaa, kaabaafi Kibbaa jechuuf adeemu. Kana akkasaan godhan ammoo shakkiin tokko jiraachuu hin qabu.

Kana sababni isaan godhaniif ammoo waa lama waan barbaadaniifi. Inni duraa, caasaa Naannolee kana diiganii quubsuma lafaan ijaaruudha, inni lammaffaa ammoo sirna bulchiinsa biyyattii paarlaamaarraa jijjiiruun sirna Pirizedenshiiyaalii uumuu fedhu. Sirni Pirezedenshiyaal ammoo yeroo baayyee faallaa federaalizimiidha. Dhimma kanammoo yoo hiree argataniif akka isaan godhan namni shakkuu hin qabu. Sababnisaa waanana isaanii wajjin haasa'ees beekuufi.

Kanaaf uummatni Oromoofi qabsaa'onni Oromoo waa tokko qalbii keessa haa bulchannu. Oromiyaan lafatti hin dhufne; dhiigaan dhufe. Abbootiin keenya akka sabaatti sababni isaan gurmaa'aniif waan saba biraa jibbaniif yookaan ammoo qofaa jiraachuu waan fedhaniif akkasumas waan isaan jedhan kana waan wallaalaniif miti. Oromoon eenyummaafi sabummaa isaatiin kan cunqurfame; kanaafi kaninni sabummaadhaanis cunqursaa ofirraa kaasuuf falmates. Ammas taanaan uummatni waa tokko beekuu qaba. Filannoon as adeemaa jiru kun Oromiyaaf rifarandamiidha. Oromiyaan itti fuftimoo itti hin fuftu kan jedhu murteessuufis carraan filannoo kana qofa. Jarri PP kun yoo akka ta'an ta'anii filannoo kana kan mo'an ta'an, jalqabarratti kan isan diigan Oromiyaadha. Mallattoo kanammoo argaa jirra. Yeroo ammaatti Oromiyaa laaffisuudhaaf hojii baayyeetu hojjetamaa jira. Miidiyaaleen mootummaa federaalaa harka jiran hedduun isaanii duula guddaa sabboonummaafi Oromummaarratti bananii jiru. Sabboonummaa Oromootiin 'Zarenyinnatii' jedhanii hafarsaa oolu. 'ye zar polotikaa' siyaasa 'Zarii' jedhanii maqaa nu xureessaadha kan isaan oolan. Jarri ammoo waan amma miidiyaadhaan hafarsan kana gara seeraatti hiikuudhaaf adeemu. Amma filannoo dhufu sodaataniitu malee, Oromiyaafi nananoolee biyyattii diiguudhaaf wixinee qopheessanii of harkaa qabu. Kanaaf uummatni keenya filannoo dhufaa jirturratti 'na ga'e' jechuudha danda'uu qaba. Oromoon martuu, kaleessa rakkanneetu, dhiibamneetu Oromiyaa ijaarranne, mullatni keenya ol malee, gad miti; Oromiyaa ijaaruudha malee, diiguu miti jechuu danda'uutu irra jiraata.

- Mee waan Gaaddisa hooggansa Oromoorratti waa xiqqoo gurra nu buusi. Gaaddisni hooggansa Oromoo kun maalif afuura dhokfachuu baayyise?

Jawaar Muhammad: Wanti sirriitti hubatamuu qabu, gaaddisni hooggansa Oromoo fooramiidha. Jechuun gaaddisni hooggansaa kun caayaadha. Kana jechuunis bakka hooggantoonni paartiilee siyaasa Oromoo itti walitti dhufaniifi yaada wal jijjiiranidha. Hariiroo isaan gidduu jiru keessattii dhimma waloo waliin qabaatanirratti bakkasaan itti mari'atanidha. Kunis dhimma gurguddoo lama iyyeeffannoo laatee kan bu'ureffamedha. Innis haala nageenya lixa Oromiyaafi kibba Oromiyaa furuu yoo ta'u, kan lammaffaa ammoo akkamiin filannoo dhufaa jirurratti injifannoo Oromoo dhugoomsina kan jedhudha. Walitti qabamni kun fooramiidha malee, walitti makiinsa miti. Gaaddisa paartileen hariiroo isaan gidduu jiru irratti jabeeffatanidha malee kan isaan ittiin walitti dhufanii tokko ta'an miti. Dhimmoota tokko isaan godhan filachuudhaan kan isaan ittiin qabsoo Oromoo oofan yookan taliganidha jechuudha.

Gaaddisni kun waan irra ga'an hedduu ibsuu baatanis, ammallee torban lama lamaan wal argaa kan jiranidha. Gara fuula duraattis cimee kan itti fufuudha. Akki uummatni itti hubate, akka waan dhaaba tokko ta'anii deemuuf waliif galameettidha. Garuu dubbichi akka akkas hin taane akka hubatamun fedha. Garuu paartileen achi keessa jiran gara fuulduraatti waan isaan tokkoomsu caalmaatti jabeessanii gara tokkotti dhufaa deemuu ni danda'u. Gaaddisni garuu paartilee hundumaa, paartii biyya bulchu dabalatee paartii siyaasaa Oromoo hundumaa kan caaya tokko jalatti walitti qabudha.

Gaaddisni hooggansa Oromoo fooramii dha malee paartii miti.

- Haala amma jiruun wal qabsiistee, dhaamsi ati dubbistoota barruu keenyaaf dhaamtu yoo jiraateef carraa siif laanneerra!

Jawaar Muhammad: Inni duraa waa'ee nageenyaati. Lollis yeroo qaba; nageenyis yeroo qaba kanaaf amma warri filannoo kanarraa soda qabu, keessattuu warri uummatni nun filatu jedhee sodaatu, warri yaadni keenya uummataan hin deggeramu jedhee yaadda'u, kanneen humnaafi shiraan angoorra turuu fedhan, akkasumas ammoo biyya uummataaf utuu hin taane isaaniif taatu warri bocuu barbaadu jeequmsi akka uumamu barbaadaa jiru. Nuti ammoo jabaannee jeequmsa kana ittisuu danda'uu qabna. Yaadaafi qalbii keenya hunda filannoo dhufaa jirurra gochuutu nurra jiraata.

Inni itti aanu ammoo uummatni keenya dhaabbilee siyaasa keenyarrati dhiibbaa gochuu qaba. Yoo danda'ame tokko ta'anii akka deeman, yookaan ammoo tumsa waliin uummatanii dantaa uummata keenyaa eegsisuudhaaf akkaataa isaan ittiin deeman irratti dhiibbaa godhuutu barbaachisa. Diinni keenya Oromoo naannoofi amantiidhaan qoqqooduudhaaf, sabaafi sablammii biraa waliin walitti buusuudhaaf yaalii guguddaatu godhamaa jira. Yaalii kanammoo irraa aanuutu nu barbaachisa. Irra aanuuf ammoo sabni keenya dammaqinaan deemuu danda'uutu irra jira. Ji'oota as aanan kana keessatti hooggantoota jaarmiyaalee siyaasa Oromoo waliin taanee, marii fi sochii guddaadha kan goonu. Fuulleffannaan keenya hundis adeemsaafi tooftaa filannoorratti kan ta'udha. Warra filannoo sana fashaleessuuf nama keenya burjaajjessan ammoo gamnummaan irra akka aannuuf karaanis ni ka'ama jechuudha.

- Hayyee guddaa galatoomaa!

Jawaar Muhammad: Hayyee haa ta'u; isinis galatoomaa!

■



ORMA WALIIN IJAARAMAA, FIRA NYAARA DHOWWACHUUN SIYAASAMOO ABAARSA?

Barri amma keessa jirru siyaasa Oromoo keessatti carraan gaariin yeroo itti uumame tahus carraa argame keessaa bu'aa waaraa buufachuuf haalli jiru wal xaxaadha. Biyya dantaan sabaa barootaaf uukkamfame keessatti, biyya hireen uummataa dhaabbilee siyaasaa harkatti kufe keessatti, biyya sirni tokkichi waggootaaf keessatti aangoodhaan nama, saba fi uummata cunqursaa ture keessatti jaarmiyaaleen siyaasaa cimuu, jabaachuu, humnoomuu fi walta'uun yeroo akkas walxaxaa kanatti gahee olaanaa kan qabuu fi karaa furmaataati. Jaarmiyaaleen Oromoo haalaan cimuufi waliigaluun akkasumas wal tahuun yeroo itti daran barbaachisuudha. Keessoo Oromoo ijaaruuf jaarmiyaalee siyaasa Oromoo walitti qabuuf tattaaffiin garaagaraa karaa namoota quuqamoo fi dhaabbilee dhimmamoo adda addaan jiraatus jaarmiyaalee siyaasa Oromoo waliigalanii tokko ta'uu irratti akkuma hanqina ta'etti itti fufee jira. Jaarmiyaaleen martinuu tokkummaa irratti akka hojjatan dubbatanis tokkummaa dhaabbattaa paartilee gidduutti hin fidne jechuun ni danda'ama. Uummatni Oromoo rakkoo siyaasaa, dinagdee fi hawaasaa heddu keessa kan dabarseefi keessa jiru yoo tahu tokkummaa gaarii qaba. Saba tokko tahuu qofa osoo hin taane waanjoo tokko jala turuunsaayyuu madda tokkummaasaati. Sabni waanjoo tokko jala ture karaa garaagaraan qabsaawus galmisaa tokko waan taheef garaagarummaansaa kan qabsoo sabichaa itichu malee bittinneessu yoo tahe rakkoo dabalataaf karaa bana. Sochiiwwan jaarmiyaleen siyaasa Oromoo itti jiran kan qabatamaan mul'atu yoo ilaalle,

1ffaa, paartiin siyaasaa maqaa Oromootiin aangoorra ture OPDO'n yookiis amma aangoorra jiru ODP'n jaarmiyaalee siyaasaa saboota biroo Itiyoophiyaa keessatti argaman faana akka haaraatti bifa haaraan walitti makamee yeroo paartii haaraa uumu dursa humna Oromoo hin gumeeffanne. Dursees jaarmiyaalee Oromoo, Oromiyaadhaaf qabsaa'aa turaniif qabsaawaa jiran faana walitti dhufee qindoomina jabaa Oromiyaa keessatti hin uumne. Kanaaf humna bittinnaaye sadarkaa Oromiyaatti gad dhiisee sadarkaa Itiyoophiyaatti ijaaruuf yaaluun akka mana banaa gatanii karra cufuuf dadhabuuti.

> **Paartiiwwan biroo faana walta'uu, walitti makamuu fi walitti dhufuu dursee kan tahuu qabu akka Oromootti humna jabaa ta'uudha, tokkoomuudha, qindoomuudha, waliigalteen deemuudha.**

2ffaa, paartiin siyaasaa Oromoo waggaa hedduuf qabsaawaa ture ABO'n akka sadarkaa biyyaatti paartii siyaasaa jabaa humna fedeeralizimii jabeessu uumuudhaaf paartiiwwan siyaasaa fi falmitoota mirga sabaaf qabsaawan kan kutaa Itiyoophiyaa garaagaraa irraa walitti qabaman faana walitti dhufuun karaa haaraa banuuf akka qophaawe ifoomsee jira. Ta'us dursanii Paartilee biroo Oromoof qabsaawan faana humna jabaa osoo hin uumiin sadarkaa saboota biroo affeeruufii walitti dabalamuutti ce'uun ammas humna Oromoo kan laaffisu taha.

3ffaa irratti kan kaafamu KFO dha. KFO'n biyya keessatti sochii hangana hin jedhame kan gaggeessaa ture, qabsoo karaa nagaan adeemsifamu keessatti hundee jabaa kan kaa'e akkasumas ammas sochii siyaasaa irra kan jirudha. Kanaan duras sadarkaa Itiyoophiyaatti paartiiwwaan siyaasaa biroo faana tahuun kan hundeesse 'MEDREK' keessatti miseensa jabaa dha. Kanaaf paartii paartiiwwan biroo hammatee jiruu keessatti hammatamee osoo jiruu jaarmiyaalee siyaasa Oromoo faana akkamiin deemuu akka danda'uu fi akkamitti akka waliigaluu danda'u irratti waan hojjatamaa ture fi yaadamaa jiru ifa miti. Kunis humna siyaasa Oromoo kan bittinneessuudha.

Dhumarratti, Paartiileen Oromoo biroos kan akka PBO fi kkf garam akka deeman, akka biyyaatti paartii kam akka seenan akkasumas Oromiyaa keessatti waltina akkamiin akka socho'an waanti



ifa tahe hinjiru. Kunimmoo hegeree Oromoo, fuulduree injifannoo siyaasa Oromoo akkasumas tokkummaa sabicha qabaachaa tureef waan sodaachisu waan taheef shakkii garaagaraa dagaagsa.

Walumaa galatti Oromoon dhimma keessaa dursee xumurachuu qaba. Paartiiwwan biroo faana walta'uu, walitti makamuu fi walitti dhufuu dursee kan tahuu qabu akka Oromootti humna jabaa ta'uudha, tokkoomuudha, qindoomuudha, waliigalteen deemuudha. Paartii biraa erga seenee booda gara kan Oromoottin deebi'a yoo jedhe paartiin tokko, hojimaatni paartii inni akka haarawaatti hundeesse yookaan seene paarticha daangessuu danda'a, akkasumas paartii seene keessaa bahee kan Oromoo waliin fixatee gara saboota birootti makamuuf yeroo dhabuu mala. Yeroo humni Oromoo garee gareetti dhilames humni dantaa Oromoo uukkamsu barbaadu, qaamni tokkummaa siyaasessitoota Oromootiin nan miidhama jedhee yaadu kamuu, qaawwaa Oromoon qabutti fayyadamuun waldhibdee uumuuf carraa argata. Tokkummicha gatachiisuufis ni ifaaja. Garaagarummaa akka diinummaatti kan ilaalamu yoo taates mufannaan hin malle uumamuun sabichi wal dhabee dantaa, daangaa fi fedhii isaa eeggachuu fi tiksachuu dhiisuun gara wal sodaachuu fi wal cabsuu seenuu mala. Kanaaf Tokkummaan jaarmiyaalee siyaasa Oromoo daran barbaachisaadha. Rakkoo ofii ofumaan, waliin furatanii, garaagarummaa keessatti tokkummaa sirna qabu ijaaranii, akka alagaan faallaa uummatichaa hiriiru qaawwaa hin argannetti too wal utuban, dantaa sabaaf dursa kennanii waliigaltee waaraan yoo xumuran akkasumas siyaasni Oromoo gidduu amala Oromummaa yoo qabaate Oromoof Oromiyaa'n biyya kabajamtuu taati.

Oromiyaa'n barabaraan haa jiraattu!

■

Iyyaafataa biyyaa!

- - - -

Biyya bonaa fi ganna
Rakkinni itti harca'u
Biyya cinqii fi dinqiin
Taphaaf irratti wal ga'u
Biyyi boqqolloo caalaa
Manneen amantaa magartee
Biyyi ilkaan buqqisu dura
Hiyyeessa buqqisuu barte
Biyyi "hibboo" jettee
Dhabde deebii qixxaataa
Biyyi aduu jalaa sun
Akkamitti oolte laata?

**

Biyyi itti qarshii caalaa
Namni qalbii itti gatu
Biyyi itti nagaa caalaa
Hambaan dhagaa baay'atu.
Biyya itti xiinxalaanshee
Ololatti rarra'u
Utuu beela hin moo'iin
Wal moo'uu dharra'u

Biyya itti onneen rakasu
Akka gatii amoolee
Qe'een warra dur hayyuu
Mee maal maalitti oole?

Shaggar, 2019

Abboomaa Margaa